

BOQONNAA TOKKO

OFII KEENYA

1.1 Nyaata Keenya

Wantoonni jireenya namaatiif barbaachiisaa fi bu'uura ta'an maal fa'a? Mana keessanitti maal fa'a akka nyaattan tokko tokkoon barsiisaa/tuu keessanitti himaa. Nyaanni maaliif barbaachisa?

Faayidaa Nyaataa

Lubbu qabeeyyiin hundi jiraachuuf nyaata isaan barbaachisa. Faayidaaleen nyaanni qaama namaatiif kennuun bakka sadiitti qoodama. Isaanis:

1. Guddinaafi ijaarsa qaamaatiif
2. Anniisaa fi hoo`a kennuuf
3. Dhukkuba nama irraa ittisuuf


1. Nyaanni guddinaa fi ijaarsa qaama namaatiif fayyada

Nyaanni guddinaa fi ijaarsa qaama namaatiif baayyee barbaachisaadha.

Qaamni namaa akka guddatuu fi gabbatu gosoota nyaataa, ijaarsa qaamaatiif fayyadan guyyaa guyyaan argachuu qaba.

Gaaffii marii:

Gosoota nyaataa guddinaa fi ijaarsa qaama namaatiif fayyadan kan biqiloota irraa argaman tarreessaa ?



Fakkii 1:1 Gosootaa nyaata guddinaa fi ijaarsa qaamaatiif fayyadan kan biqiloota irraa argaman

Gaaffii: Gosootaa nyaataa guddinaa fi ijaarsa qaamaaf fayyadan kan beeladota irraa argaman tarreessaa.



Aannan




Foon Hoolaa



Foon

Sangaa



Qurxummii



Killee



Foon Lukkuu

Fakkii 1.2 Gosootaa nyaata guddinaa fi ijaarsa qaamaaf fayyadan kan bineeldota


Irraa argaman

Gosootaa nyaataa guddinaa fi ijaarsa qaamaatiif fayyadan keessaa tokko aannanii fi bu'awwan aannaniiti.


Gaaffii marii:

Bu'aawwan aannanii maal fa'a? Akkamitti akka qophaa'an maatii keessan gaafadhaatii dareedhaaf gabaasaa. Bineeldota madda aannanii ta'an tarreessaa.

Aannan da'immaniif baay'ee barbaachisaadha. Da'imman aannan ga'aa argatanii guddatan qaama cimaa,sammuu gaarii fi dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu qabu.



Sa'a



Gaala

Fakkii 1:3 Bineeldota madda aannanii ta'an

2. Nyaatni anniisaa fi hoo'a qaama namaaf kenna Gosoonni nyaataa anniisaa qaamaaf kennan maal fa'a?



Qamadii



Boqqolloo



Mixaaxisa



Shonkaraa



Dinnicha



Cooma



Dhadhaa

Fakkii 1:4 Gosootaa nyaataa anniisaa fi hoo`a kennan

Nyaanni qaama namaatiif madda anniisaa fi hoo'aa ti. Anniisaan nyaata irraa argannu humna nuuf ta`uun dalagaa adda addaa raawwachuuf



Taphachuu



Qotuu



hojii waajjira

nu

gargaara.

Fakkii 1:5 Faayidaa anniisaa nyaata irraa argamu

3. Nyaanni qaama namaa irraa dhukkuba adda addaa ittisa



Maangoo



Ananaasii



Appilii



paappayaa



Timaatima

Gosoonni nyaataa dhukkuba nama irraa ittisan maal fa`a?

Fakkii1:6 Akaakuu nyaata dhukkuboota ittisan

Namni jiraachuuf fayyaa qabaachuu qaba. Fayyaa qabaachuuf ammoo nyaata dhukkuboota ittisan argachuu qaba

Gilgaala 1.1

Gabatee armaan gadii keessatti gosoota nyaataa tarreeffaman faayidaa isaan qaama keenyaaf kennan irratti hundaa’uun ramaddii isaanii mallattoo (**X**) kaa`uun deebii kennaa.

T.L	Gosa nyaataa	Guddinaa fi ijaarsaaf	Anniisaa hoo`a kennan fi kan	Kan dhukkuba Ittisan
1	Daabboo		X	
2	Foon			
3	Qurxxummii			
4	Dhadhaa			
5	Dinnicha			
6	Raafuu			
7	Burtukaana			
8	Muuza			
9	Buuphaa /killee/			

10	Zaayita			
11	Atara			
12	Baaqelaa			
13	Qooccoo			
14	Aannan			
15	Qullubbii adii			

Nyaata Beekamoo

Gaaffilee marii :

Gosoota nyaata beekamoo naannoo keessanitti nyaataman tarreessuun dareekeessatti irratti mari`adhaa. Maal irraa akka qopha`an maatii keessan gaafachuundaree keessatti barattootaaf dubbisaa.

Maddoota Nyaataa


A. Biqiloota

Naannoo keessanitti biqiloota madda nyaataa beekamoo ta'an tarreessaa.



Qamadii

Boloqqee



Mata jaboo



Boqqolloo



Garbuu



Xaafii



Atara



Warqee

Fakkii 1:7 Biqiloota madda nyaataa ta'an

B. Bineeldota


Naannoo keessanitti bineeldota madda nyaataa beekamoo ta'an tarreessaa.




Lukkuu



Sa'a



Sangaa



Hoolaa



Gaala



Re'ee

Fakkii 1:8 Bineeldota madda nyaataa ta'an

Foon, killeen, aannan nyaata bineeldota irraa argannuudha.

Naamusa Nyaataa

Gaaffiilee marii:

*Naamusni nyaataa maali ? Naamusni nyaataa akkamitti eegama ?
Naamusa nyaata duraa, naamusa yeroo nyaata nyaannu fi
naamusa nyaataanboodaa eegamuu qaban gareen irratti
mari`adhaa.*

Naamusa Nyaata duraa

- Harka keenya saamunaan dhiqachuu
- Bishaan dhugaatii qulqulluu qopheeffachuu
- Sirnaan nyaata fuul dura taa'uu

- Nyaanni harca'ee uffata keenya akka hin xureessine of ofqopheessuu.

Naamusa yeroo nyaataa

- Hanga alanfachuu dandeenyu qofa afaan kaawwachuu
- Namoota waliin nyaatan faana naamusa eeganii nyaachuu
- Nyaata suutaan nyaachuu
- Nyaata nyaachaa yookaan alanfachaa haasa'uu fi kolfuu irraa of qusachuu.
- Nyaata hamma nu barbaachisu qofa nyaachuu.

Naamuusa Nyaataan Boodaa

- Harka keenya saamunaan dhiqachuu.
- Afaan keenya lulluqqachuu.
- Meeshaawwan irratti nyaanne qulqulleessuun seeraan ol kaa'uu.
- Bakka itti nyaanne qulqulleessuu.



Gilgaala 1.2

A. Gaaffilee armaan gadiif qubee deebii sirrii qabate filachuun deebii kenni.

1. Faayidaa nyaataa kan ta'e isa kami?
A. Anniisaa fi hoo'a kennuu. B. Guddinaa fi ijaarsa qaamaaf
C. Dhibee nama irraa ittisuuf. D. Hundi deebii dha
2. Gosti nyaataa dhukkuba nama irraa ittisuuf hin gargaarre kami?
A. Paappayaa B. Timaatima C. Muuzii D. Hundi deebii dha.
3. Gosa nyaata madda anniisaa fi hoo'aa kan ta'e kami?
A. Dinnicha B. Timaatima C. Maangoo D. Raafuu
4. Akaakuun nyaata biqiloota irraa argamuu isa kami?
A. Cooma B. Dhadhaa C. Atara D. Aannan
5. Naamusa nyaataa gadhee kan ta'e kami?
A. Ariitiin nyaachuu B. Harka osoo hin dhiqatiin nyaachuu
C. Suuta nyaachuu D. A fi B deebii sirrii dha.

B. Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii kenni.

1. Gosoota nyaataa armaan gaditti tarreeffaman kan biqiloota irraa argamanii fi kan bineeldota irraa argaman jechuun ramadi. **Mokoroonii, dhadhaa, daabboo, buphaa, biddeena, cooma.**
2. Gosoota kuduraa, fuduraa fi midhaan armaan gadii fakkii isaanii kaasuun halluu adda addaa kan isaan ibsu dibuun

daree keessatti maxxansi. **Muuzii, burtukaana, raafuu, timaatima, qamadii, maangoo**

1.2 Fayyaa Keenya

Gaaffiilee marii:

Fayyaa jechuun maal jechuu dha? Naannoo keessanitti nama dhibame argitanii beektuu? Namni jireenya keessattimaaltu isaa gammachiisa? Maal maaltu isa gaddisiisa? Jireenya hawaasaa keessatti wanti namoonni waliif hawwaanii fi walgaafatan maal fa'a? Namoonni osoo wal hin argiin turan gaafa walargan maal walgaafatu? Gareen irratti mari'adhaa.

Piroojektii: 1.1

Buufata fayyaa yookaan wiirtuu fayyaa ganda keessanitti argamu bira deemuun oggeessa/ogeettii fayyaa haasofsiisuun maalummaa fayyaa, ittisa dhibee, miidhaa dhibamuun maatii irratti fidu maal fa'a akka ta'an gaaffachuun daree keessatti gabaasuun irratti mari'adhaa.

Fayyaa jechuun nageenya keessoo, ala qaama namaa fi hawaasummaa jechuudha. Jireenya hawaasa keessatti fayyaan wanta murteessaa dha. Namni fayyaa qabu:

- Nagummaan qaama isaa eegamaadha.
- Hawaasummaa gaarii kan qabuudha.
- Cimaadha.
- Jireenya isaatti gammachuu qaba.

Fayyummaa guutuu ta'e qabaachuuf wantoonni barbaachisan kanneen armaan gadii fa'a. Isaanis:

- Qulqullina dhuunfaa eeggachuu
- Waantoota fayyaa namaa irratti miidhaa geessisan irraa of eeguu
- Naannoo jireenyaa qulqullinaan eegu
- Nyata madaalamaa ta'e nyaachuu

Mallattoolee nama fayyaa qabu irraa mul'atan daa'imman akka fakkeenyaatti fudhannee akka armaan gadiuittii ilaaluu ni dandeenya.

- Daa'imman fayyaa guutuu qaban dammaqoo fi cimoo ta'u.
- Gammachuu kan qaban, kan taphatan, barnoota isaaniisi'aayinaan kan baratan ta'uu fa'a.



Fakkii 1.10 Faayidaa fayyaa

Gaaffilee marii :

*Mee maatii keessan keessaa nama dhibame argitanii beektuu?
Amalootni nama dhibame irraa mul'atan maal fa'a? Irratti
mari'adha.*

Dhibee Yookiin Dhukkuba

Namni fayyaa dhabe **dhukkubsataa** yookaan **dhibamaa** jedhama. Namni dhukkubsataa ta'e hojii isaa hojjechuu fi nama gargaaruu hin danda'u.

Mallattooleen nama dhibame irraa mul'atan hoo'a qaamaa, bowwoo mataa, fedhii nyaataa dhabuu, garaa kaasaa, oldeebisaa(balaqamsiisaa) fi kanneen biroo fa'a. Yoo mallattoleen akkanaa isinitti dhagahaman hiriya, barsiisaa yookaan maatii keessanitti himachuun yaalamuun barbaachiisaa dha.



Fakkii 1.11 Daa'ima dhibame/dhukkubsate

Gilgaala 1.3

Deebii sirrii ta'e barreessuun deebisi.

1. Fayyaa jechuun maal jechuu dha?
2. Mallattoolee nama dhibame irraa mul'atan keessaa sadi barreessi.
3. Mallattoolee nama fayyaa ta'e irraa mul'atan sadii barreessi.
4. Mallattoon dhibamuu yoo sitti dhaga'ame maal akka gootu barreessi.
5. Namni fayyaa hin qabne maal jedhama?

1.3 Qulqullina dhuunfaa keenyaa eeggachuu

Gaaffiilee :

Qulqullina dhuunfaa ilaalchiisee kutaa tokkoffaa keessatti kan baratte yaadattaa? Qulqullina dhuunfaa jechuun maal jechudha?

Qulqullina dhuunfaa eeguun faayidaa maalii qaba?

Qulqullina dhuunfaa kee eeguuf qabxilee armaan gaditti tarreeffaman ni raawwattaa ?

- 1) Ganama hirribaa ka'anii ciree nyaachuun dura harkaa fi fuula dhiqachuu,
- 2) Yeroo hunda nyaataan duraa fi booda harka dhiqachuu fi afaan lulluuqqachuu,
- 3) Mana fincaaniitii erga deebi'anii booda saamunaan harka dhiqachuu,
- 4) Galgala galgala miila dhiqachuu,
- 5) Yoo xiqqate torbaanitti al tokko nafa dhiqachuu,
- 6) Huccuu / uffata guyyaa fi halkan uffatamu qulqullina isaa eegu
- 7) Qeensa qorachuu fa`a.

Guutummaan fayyummaa keenya eegachuuf qulqullina dhuunfaa fi naannoo keenya eeguun barbaachisaa dha.

Gaaffii marii:

Wantoota dhuunfaan itti fayyadamtan maal fa'a akka ta'an tarreessuun irrattimar'adhaa.

Qaama keenyaa fi wantoota dhunfaan itti gargaaramnu qulqullinaan eeguun

qulqullina dhuunfaa eeggachuu jedhama.

Qulqullina harka keenya eeggachuu

Harkaa keenyaan maal fa’a qaqqabna? Wantoonni harka keenyaan qaqqabnu hundi qulqulluu dhaa?

Jarmootni dhukkuba nama qabsiisan kan ijaan hin mul’atne harka keenyaa irraa fi qeensa keenya keessa jiraachuu danda’u. Kanafuu, harka keenya saamunaan dhiqachuu fi qeensa qorachuun qulqullina keenya eeguun barbaachiisaa dha.

Dhibeewwan sababii hanqina qulqullinaatiin namatti dhufan maal fa’a?

Cittoon, raammoon maagaa, tiraakoomaa fi kan kana fakkaatan dhukkuboota sababii hanqina qulqullinaa dhuunfaatiin nama hubanii dha.

Qulqullina fuulaa eeggachuu

Fuulli qulqullina hinqabne dhukkubootaaf saaxilama. Kanaafuu, fuulli keenya yeroo hunda qulqulluu ta’ee eegamuun barbaachisaa dha.



Fakkii 1.13 Fuula

dhiqachuu

Qulqullina afaanii fi ilkaan keenyaa eeggachuu

*Nyaata duraa fi booda afaan keessaan ni lulluuqattuu?
Ilkaan keessan qulqullinaan eeggachuuf maal gootuu?*



Fakkii 1.14

Ilkaan rigachuu

Qulqullina Miilla keenyaa eeggachuu

*Galgala galgala yeroo hundaa miila keessan dhiqattuu? Miilee
(kaalsii) keessan hoo miiccattuu ?*




Fakkii 1.15 *Miila dhiqachuu*

Qulqullina nafa keenyaa eeggachuu

Yammuu dalagnu, yammuu taphannu fi hoo'aan qaamni keenya ni dafqa. Yeroo kanas karaa qaawwa gogaa keenyaatiin xuriin qaama keenya keessa dafqa waliin gara alaatti baha.

Yoo dafqii fi xuriin qaama keenya irratti kuufaman qaawwan gogaa keenyaa waan cufamaniif jarmootni qaama keenya irratti akka wal-horan haala mijataa uumuun qaama keenya irratti

miidhaa fidu.Kanaafuu,qaama keenya yeroo yeroon dhiqachuun barabaacisaa dha.



Fakkii 1.16 Qaama /nafa/ dhiqachu

Qulqullina dabbasaa/rifeensa/ keenyaa eeggachuu

Dabbasaan keenyaa yoo qulqullinni isaa hin eegamne ilbiisota kanneen akka injiranii,cinii fi injiijjii fa'a dabbasaa keessatti wal horu. Ilbiisoonni kun ammoo dhukuba adda addaatiif nama saaxilu.Yoo xinnaate torbaanitti al lama dabbasaa keenyaa miicachuu nu barbaachisa. Guyyaa hunda ammoo dabbasaa keenya filachuun qilleensa gahaa ta'e akka argatu gochuun barbaachiisaadha. Akkasummas dabbasaa yeroo yeroon sirreeffachuun barbaachisaadha.



Qulqullina huccuu /uffata/ keenyaa eeggachuu

Huccuu keessan maaltu xureessa?

Yoo huccuun keessan xuraa'e maal gootu?



Fakkii 1:18 Uffata/huccuu/ miicuu

Uffatni keenya dafqa, dhukkee, dhogqee fi waantota adda addaatiin xuraa'uu danda'a. Uffata xuraa'e irratti ilbiisotni akka injijjii, injiraan fi tafkii fa'an wal horu. Tafkii fi injiraan dhibee nama tokko irraa gara nama biraatti daddabarsuun miidhaa nama irraan gahu.

Uffata keenya miiccinee aduun akka gogu gochuu qabna. Kana booda kaawuyyaan sirreessinee bakka qulqullina qabu kaa'uu qabna. Kana malees, qulqullina huccuu keenyaa eeguuf kanneen armaan gadii raawwachuun barbaachisaadha.

- Naannoo jireenya manaa qulqulleessuu.
- Kutaa barnootaa fi mooraa mana barnootaa qulqulleessuu.
- Mana fincaaniitti fayyadamuu.
- Bakka jireenya namaa fi beeyladooaa adda baasuu.
- Haraa guuboo kosiitti gatuu.

Dhibeewwan hanqina qulqullinaatiin dhufan

Dhibeewwan hanqina qulqullinaatiin namatti dhufan maal fa'a akka ta'an tareessaa.

Dhibeewwan hanqina qulqullinaatiin namatti dhufan hedduu dha. Isaan keessaa kanneen beekamoo ta'an cittoo, raammoo maagaa, tiraakoomaa, garaa kaasaa daadha.



Fakkii 1: 19 Daa'ima hanqina qulqullinaan cittoon qabame

HIV/AIDSii

Waa`ee dhukkuba HIV/AIDSii maal beektu?

HIV/AIDSini dhukkuba nama irraa namatti daddarbudha. Karaaleen dhukkubni kun ittiin daddarbu kanneen armaan gadiitii. Isaanis,

1. Wal tuqaatii dhiigaatiin.
2. Meeshalee qara qaban nama waliin fayyadamuun. Fakkeenyaaf, lilmoo, qarabaa, mutaa fi kkf.

Maloota ittisaa dhukkuba HIV/AIDSii

Tuttuuqaa dhiigaa irraa of eeguu.

Meeshaalee qara qaban namoota biroo waliin itti fayyadamuu dhiisuu.

Gilgaala 1. 4

A. Qubee deebii sirrii qabate filachuun deebii kenni.

1. Fayyaa guutuu qabaachuuf kan fayyadu isa kami?
A. Qulqullina dhuunfaa eeggachuu B. Nyaata madaalamaa nyaachuu
C. Naannoo ofii qulqullinaan eeguu. D. Hundi deebii dha.
2. Mallattoon nama dhibame irraa mul'atu kami?
A. Si'aayinaan barachuu B. Fedhii nyaataa dhabuu.
C. Gammachuu qabaachuu. D. Ciminaan hojjechuu.
3. Mallattoo dhukkubaa kan ta'e isa kami?
A. Balaqamsiisuu B. Mataa bowwoo
C. Fedhii nyaataa dhabuu. D. Hundi deebii dha.
4. Qulqullina dhuunfaa eeggachuu kan ta'e kami?
A. Miilla dhiqachuu B. Harka dhiqachuu.
C. Qaama dhiqachuu. D. Hundi deebii dha.
5. Ilbiisootni uffata xuraa'e keessatti wal horan
A. Injijjii B. Injiraan C. Tafkii D. Hundi deebii dha.
6. Maloota HIV/AIDS ittisuuf gargaaran kami?
A. Tuttuqaa dhiigaa irraa of eeguu
B. Meeshalee qara qaban namoota biroo wajjin fayyadamuu.
C. Meeshalee qara qaban namoota biroo wajjin fayyadamuu dhiisuu.
D. A fi C deebii dha.

B. Himootni armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaane

"Soba" jechuun deebisi.

1. Qulqullina dhuunfaa eeggachuun fayyummaa namaatiif faayidaa hin qabu.
2. Mana fincaaniitti eega fayyadamneen booda harka keenya saamunaan dhiqachuun barbaachisaa miti.
3. Qaama keenya yoo dhiqachuu baanne rakkoo tokko hin qabu.
4. Qeensa harkaa fi miilla keenyaa yeroo yeroon qorachuun barbaachisaadha.
5. Fedhii nyaataa dhabuun mallattoolee dhibamuu keessaa tokko dha.
6. Qulqullina uffata keenyaa eeggachuun miidhagina qofaaf gargaara.

C. Gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii kenni.

1. Naamusa nyaataan duraa keessaa lama tarreessi.
2. Naamusa yeroo nyaata nyaannu eegamuugaban lama barreessi.
3. Naamusa nyaataan booda raawwataman keessaa sadii tarreessi

D. Gochaalee armaan gadiitti tarreeffaman tartiibaan sirreessuun

barreessi.

1. Mana fincaanii deemuu
2. Harka fi fuula dhiqachuu
3. Ilkaan rigachuu
4. Ganama hirribaa ka`uu
5. Ciree nyaachuu

BOQONNAA LAMA

HAWAASA NAANNOO KEENYA

2.1 Miseensota Hawaasa Naannoo Keenyaa



Fakkii 1.1 Miseensota Hawaasaa sadarkaa fi umrii adda addaa

Gaaffii Marii

Miseensota hawaasa naannoo keessanii daa'imman, dargagoota/ Shamarran/, ga'eessotaa fi manguddoota jechuun garee adda addaatti ramaduun irratti mari'adhaa.

Hawaasa jechuun ummata bakka yookaan naannoo murtaa'aa ta'e keessa jiraatuu dha. Miseensonni hawaasa naannoo keenyaa


garee umrii afuritti qoodamu.

Isaanis: daa'imman,dargaggoota/ shamarran,ga'eessotaa fi manguddoota jedhamu.

Gabatee 2.1 Hawaasa Naannoo Keenyaa Garee Umriitiin

Garee Umrii Waggaadhaan	Akaakuu Miseensa Hawaasaa
Waggaa 0 - waggaa 14	Daa'imman
Waggaa 15 - waggaa 30	Dargaggoota/Shamarran
Waggaa 31 - waggaa 64	Ga'eessota
Waggaa 65 fi olii	Manguddoota


Isin hoo garee umrii kamiin keessatti ramadamtu ?



Daa'ima
Manguddoo

Dargaggeessa

Ga'eessa



Daa'ima
Manguddoo

Shamarree

Ga'eettii

Fakkii 2.2 Miseensonni Hawaasaa Sadarkaa Umriitiin

Miseensonni hawaasaa garee umrii waggaa 0 hanga waggaa 14tti jiran, daa'imman jedhamu. Miseensonni garee umrii daa'immanii kun qaamaa fi sammuun waan hin cimneef hojii adda addaa irratti hin hirmaatan. Kanaafuu deeggarsaa fi kunuunsa maatii yookiin warraatiin jiraatu.

Miseensonni hawaasa garee dargaggummaa/shamarummaa fi ga'eessummaa keessatti argaman qaamaa fi sammuudhaan cimina qabu. Miseensoonni garee kanaa, hojii adda addaa irratti hirmaachuun galii argamsiisuu danda'u. Kanaafuu gareewwan hawaasaa kun ofii isaanii fi gareewwan hafan jiraaachisuu warra danda'anii dha.

Miseensonni hawaasa garee umrii waggaa 65 fi olii manguddoota jedhamu. Miseensonni hawaasaa kun qaamaa fi sammuun waan dadhabaa deemaniif gargaarsa garee hawaasa biroo barbaadu .

Gocha 2.1

1. Miseensota maatii keetii garee umrii armaan olii keessatti ramadi.
2. Maatii kee keessaa gareewwan umrii tokkoo tokkoo keessaa miseensonni meeqa akka jiran hiriyoota keetti himi.
3. Ragaa ramaddii garee umriin qoqqoodama miseensota maatii tokkoon tokkoo keessanii walitti makuun piroofaayilii umrii maatiwwan keessanii qopheessaa.
4. Akka ramaddii miseensota hawaasa naannoo keessaniitti barattoonni daree kanaa garee umrii daa'immanii keessatti argamtuu? Barsiisaa/barrsiiftuu keessanitti himaa.

Gilgaala 2.1

A. Himootni armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo sirrii

Hintaanee "Soba" jechuun deebisi.

1. Daa'imman hawaasa naannoo keessatti gahee qabu.

2. Namni umrii waggaa dhibbaatti du'e tokko, gareewwan umrii hunda keessa darbeera.

3. Ga'eessa → Daa'ima → Manguddoo yoo jedhamu tartiibichi adeemsa guddinaa waldura duuba sirrii ta'e agarsiisa.

B. Kan garee “B” jala jiran kan garee “A” jala jiraniin walittifroomsi.

Garee “A”

Garee “B”

- | | |
|-----------------------------|---------------|
| 1. Waggaa 31- waggaa 64 | A. |
| Manguddoota | |
| 2. Barataa waggaa saddeetii | B. Daa'imman |
| 3. Waggaa 65 fi ol | C. Ga'eessota |
| 4. Harmee waggaa 35 | D. |
| Dargaggoota/Shamarran | |
| 5. Waggaa 0 - waggaa 14 | |
| 6. Waggaa 15 - waggaa 30 | |

Mirgoota Daa'immanii

Gocha: 2.2 Mirgoota daa'immaniif kabajamuu qaban warra keessangaaffachuun daree keessatti irratti mari'adhaa.

Gaafii Marii Garee

Mirgoota daa'immanii ilaalchisee mata dureewwan armaan gadii irratti xiyyeeffachuun gareen irratti mari'adhaa.

- Mirga wantoota jireenyaaf barbaachisaa ta'an argachuu
- Miirga wantoota miidhaa nama irratti dhaqqabsiisan irraa

- Mirga jeequmsa sammuu fi miidhama qaamaa irraa eegamuu

Mirgoota daa'immanii isaan gurguddoo akka armaan gadiitti ilaaluun ni dand'ama.Isaanis:

- Mirga iddoo jireenyaa, nyaataa fi uffata argachuu
- Mirga hojiiwwan miidhaa gessisan irraa ittifamuu
- Mirga barachuu
- Mirga yaalamuu
- Mirga jaallatamuu
- Mirga kunnuunfamuu fa'a.

Daa'imman haala gaarii ta'een guddachuuf, nyaata gahaa ta'e, uffataa fi iddoo jireenyaa mija'aa ta'e arggachuu qabu.

Daa'imman mana barnootaa galanii barachuuf mirga ni qabu.

Kanaafis

maatiwwanii fi mootummaan daa'imman akka baratan itti gaafatamummaa fi dirqama ni qabu.



Fakkii 2.3 Daa'imman gara mana barnootaa deeman

Hojiwwanii fi balaawwan daa'imman irratti miidhaa geessisan beektuu? Balaawwan kun maal fa'a akka ta'an waliin mari'achuun barsiisaa yookaan barsiiftuu keessanitti himaa. Balaawwan mana jireenyaatti daa'imman irra gahuu danda'an maal fa'a?Kanneen armaan gadiitiin walbira qabuun irratti mari'adhaa.

- Ibiddaan gubachuu,
- Bishaan danfaan gubatanii miidhamuu,
- Shiboo elektirikii harkaan qabuun miidhamuu,
- Bishaan qulqillina hin qabne dhuguu,
- Nyaata bilchaatee lafa bule yookaan bilchaatee turee bushaa'e nyaachuu,
- Qoricha beeyiladaa yookiin nama guddaadhaaf mana keessaatti dagatame tuttuquu fi fayyadamuu,
- Wantoota qara qaban kanneen akka albee, qottoo, haaduu, lilmoo tuttuquu fi itti fayyadamuu,
- Dhugaatii nama macheessu dhuguu,

- Beeyiladoota adda addaatiin dhiitamuu, waraanamuu, fi ciniinnamuun miidhaalee naannoo mana jireenyaatti daa'imman irra gahuu danda'anii dha.



Fakkii 2.4 Balaa sareen ciniinamuu

Balaawwan biro naannoo mana jireenyaatti daa'imman irra gahuu danda'an maal fa'a akka ta'n tarreessuun daree keessatti irratti mari'adhaa. Kanneen armaan gadii keessaa kan naannoo keessanitti mul'ate jiraa? Walitti himaa.Fakkeenyaaf:


- Daandii konkolaataa irra bahuun konkolataa dhahamuu,
- Bishaan lagaa, haroo fi boollaa keessa lixuun fudhatamuu,
- Laga utaaluun kufanii miidhamuu fi lubbuu dhabuu,
- Muka koruu fi irraa kufuun miidhamuu,
- Tapha keessatti kufanii miidhamuu fi kkf.

Balaawwan mooraa mana barnootaa keessatti mudachuu danda'an

Balaawwan naannoo mana barnootaatti daa'imman irra gayuu danda'an kan akka:

- Taphaa keessatti kufuu fi walitti bu'uun miidhamuu
- Hiriyootan wal loluu fi miidhamuu
- Dallaa / mooraa/ mana barumsaa hulluuqanii seenuu fi bahuuf
jecha shiboo yookiin mukaaraan amanii miidhamuu

Kanneen armaan olitti eeraman keessaa mooraa mana barumsa Kee keessatti miidhaan si irra gahe jiraa?



Fakkii 2.5 Naannoo mana barnootaatti miidhaa daa'iman irra gahuu danda'u

Gilgaala 2.2

A. Kanneen armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaanee "Soba" jechuun deebisi.

1. Mirga jechuun waan hunda dursanii ofiif fudhaachuu jechuudha.
2. Daa'imman akkuma mirga qaban hunda dirqamas ni qabu.
3. Daa'imman mirga yaalamuu ni qabu
4. Daa'imman miidhaan kan irra gahu naannoo mana jireenyaa qofatti.
5. Hiriyoootaa fi hangafoota kabajuun gaariidha.

B. Kannee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e kenni.

1. Mirgoota daa'imman qabaachuu qaban keessaa afur barreessi.
2. Balaawwan miidhaa daa'imman irraan gahan keessaa sadi barreessi.
3. Balaawwan naannoo mana jireenyaatti daa'imman miidhan keessaa sadi barreessi.

Sarbama Mirgoota Daa'immanii

Gaafii Marii Garee

Naannoo keessanitti gochaaleen mirgoota daa'immanii sarban maal fa'i? Irratti mari'adhaa.

Akaakuwwan sarbamu mirgoota daa'immanii beekamoo ta'an baay'een

ni jiru. Isaanis:

- Dagatamuu / xiyyeeffanaa/ dhabuu,
- Miidhaa qaamaa -kan akka rukutaa,
- Miidhaa sammuu-arrabsamuu fi balaaleffamuu,
- Yeeroo dhibaman yaalamuu dhabuu,
- Humnaan gudeedamuu,
- Carraa barnootaa argachuu dhabuu,
- Umrii malee heerumuu,
- Kittanamuu shamarranii,
- Hojii humnaa ol ta'e hojjachiisuu fa'a.

Fakkii2.6 Gocha

mirga daa'immanii

sarbama



Gilgaala 2.3

1. Akkaataa daa'imman
hawaasa keessatti ittiin
hacuucaman gahee
taphachuun daree keessatti agarsiisaa.

maatii fi

2. Daa'imman miidhaan irra ga'e eessatti himachuu qabu?

3. Mirgoonni daa'immanii haala akkamiitiin kabajamuu danda'u ?

Ittisa Sarbamuu Mirgoota Daa'immanii

Gochaalee mirgoota daa'immanii eeguuf raawwatamuu qaban kanneen armaan gadii ti. Isaanis:

- Akkaataa mirgi daa'immanii itti kabajamu irratti maatiwwaniif hubannoo bal'aa kennuu,
- Mirga daa'immanii ilaalchisee manneen barnootaa keessatti barattootaaf hubannoo kennuu,
- Sarbama mirgoota daa'immanii qaama seera raawwachiisutti gabaasuu fa'a.

Haala qabatama naannoo keenyaatiin qaamman sarbamni mirgoota daa'immanii itti gabaafamu ni jiru. Isaanis:

- Waajjira Bulchiinsa Gandaa
- Bulchiinsa Mana Barnootaa
- Waajjira Poolisii
- Waajjira Dhimma Daa'immanii fi Dubartootaa
- Waajjira Bulchiinsa Aanaa / Bulchiinsa Magaalaa fa'a.

Gilgaala 2.4

A. Kanneen armaan gadii yoo sirri ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hin taane "Soba" jechuun deebisi.

1. Daa'imman mirga barachuu qabu.
2. Mirgi daa'immanii kan sarbamu abbootiin qofa.
3. Daa'imman gaaffii gaafataniif deebii argachuu qabu.
4. Daa'imman maatii isaanii fi namoota biroo kabajuu qabu.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kan armaan gadii keessaa sarbamu mirga daa'immanii kan ta'e kami?

A. Uffannaa gahaa ta'e dhabuu	C. Nyaata gahaa ta'e dhabuu
B. Carraa barnoota dhabuu	D. Hunduu deebii dha.
2. Gochi mirga barachuu daa'immanii sarbu kami?
 - A. Daa'ima mana barumsaa irraa hambiiisuu
 - B. Hiriyoota waliin akka hin taphanne dhoowwu
 - C. Daa'ima adabuu
 - D. Daa'ima dhageeffachuu dhabuu.
3. Mirgi daa'immanii eenyuun sarbamu danda'a?
 - A. Fira dhiigaa kan daa'ima guddisuun
 - B. Maatiidhaan
 - C. Nama daa'ima guddisuuf itti gaafatamummaa fudhateen
 - D. Hundinuu deebiidha
4. Sarbamuun mirgoota daa'immanii eenyutti himatamuu qaba?

A. Waajjira Bulchiinsaatti	C. Waajjira Poolisitti
B. Manneen Barnootaatti	D. Hundinuu deebiidha .

C. Kanneen armaan gadiif deebii sirrii ta'e kenni.

1. Akaakuwwan sarbamu mirgoota daa'immanii keessaa sadi barreessi.
2. Tooftaalee mirgoonni daa'immanii ittiin kabajamuu danda'an keessaa lama barreessi.

2.2 Hawaasa Keessa Jiraachuu

Daa'imman miseensota hawaasaa ta'anii hawaasaa waliin jiraatu. Jireenya guyyaa-guyyaa keessatti wantoota raawwachuu qabnu yeroon wal-simsiisuun karoorffachuun barbaachiisadha.

Gaaffilee marii:

Karoorri Maali ?Wantoonni karoora keessatti hammadaman maal fa'a?Irratti mari'adhaa.

Karoorri tooftaa wanta gara fuulduratti raawwachuu qabu tokko ittiin qopheeffannuu dha.

Barbaachisummaa Karooraa

Gaaffii Marii

Gocha gara fuulduraatti raawwachuuf barbaadne tokko dursinee itti karoorfachuun maaliif barbaachise? Irratti mari'adhaa.

Hojii tokko irratti karoorfachuun faayidaalee armaan gadii of-keessaa qaba.

1. Hojii hojjatamuu qabu tokko sirrtti itti yaadanii hojjachuuf carra kenna.
2. Gochaalee raawwachuu qabnu wal-duraa duuba isaa eegnee raawwachuuf nu fayyada
3. Yeroo keenya qoqqoonnee qusannaan akka itti fayyadamnu nu gargaara.

Gocha 2.3 Gabatee armaan gadiitti fayyadamuun karoora guyyaa tokkoo baafadhaa.

Tartiiba hojiiwwan	Hojiiwwan raawwatamuu qaban	Yeroo hojiin itti raawwatamu
	Hirribaa ka'uu	
	Mana barnootaa deemuu	
	Barnoota qo'achu ³⁴	
	Maatii gargaaruu	
	Taphachuu	

Daa'imman manneen barnootaa keessatti akka gumiitti karoorfachuun hojiiwwan adda addaa ni hojjetu. Fakkeenyaaf:- Bo'oo lolaa baasuu, bakkee balfi itti gatamu qopheessuu fi biqiltuu dhaabuu irratti hirmaachuu.



Fakkii 2.7 Barattoonni akka gumiin waan karoorfatan yemmuu hojjatan

Gaafii Marii

Moora mana barumsa keessanii keessatti, gumiiwwan maal fa'atu jira?

Gumii ijaaruu barbaaddan waliin mari'adhaa.

Gilgaala 2.5

A. Himootni armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaane "Soba" jechuun deebisi.

1. Karoorri wanta gara fulduraatti hojjachuu barbanne agarsiisa.
2. Karoorri tartiiba gochaaleen adda addaa itti raawwataman mul'isa.
3. Barattootaaf karoorri guyyaa guyyaa barbaachisaa miti.

B. Gaafilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e kenni.

1. Faayidaalee karoorri qabu keessaa lama barreessi.
2. Guyyaa barnootaa tokko fudhachuun ganamaa hanga sa'aa hirribaatti gochaawwan raawwachuu qabdu tartiiba yerootiin qooduun karoora guyyaa tokkoo dhuunfaadhaan qopheefadhu.

2.3. Hawaasni Keenya Anniisaa Barbaada

Gaaffii Marii

Anniisaan maali ?Annisaan maaliif barbaachisa ?Maddoota anniisaa naannoo keessan keessatti beektan tarreessuun daree keessatti irratti mari'adhaa

Faayidaa Anniisaan Hawaasaaf Qabu

1. Anniisaan nyaata bilcheessuuf nu fayyada.



Fakkii 2.8 Anniisa muka irraa argamuun nyaata bilcheeffachuu

2. Anniisaa irraa ifa arganna.



Fakkii 2.9 Anniisaa elektiriikii irraa ifaa argachuu

3. Anniisaan meeshaalee adda addaa sochoosuuf nu fayyada



Fakkii 2.10 Anniisaan maashina sochoosuu

4. Anniisaan nyaata qopheeffachuuf nu fayyada



Fakkii 2.11 Anniisaan nyaata qopheeffachuu

5. Anniisaan geejjiba adda addaatiif nu fayyada


Konkolaataa, doonii, xiyyaarri fi baaburri, anniisaa boba'aatiinsocho'u.



Baabura



Konkolaataa



Fakkii 2.12 Anniisaan geejjibaaf fayyada

Maddoota Anniisaa

Naannoo keessanitti anniisaan maal irraa argama?

Maddoota anniisaa garee saditti qoonnee ilaaluu ni dandeenya.

Isaanis:

1. Maddoota anniisaa naannoo irraa argaman

Maddoota anniisaa naannoo irraa argaman kanneen jedhaman kannen akka qoraanii, cilee, kobotaa fi galabaa fa'a eeruun




danda'ama.

Fakkii 2.13 Anniisaan qoraanii fi kobota irraa argama

2. Boba'aa Geejjibaa

Boba’aa geejjibaa kanneen jedhaman kanneen akka Beenzinii fi naafxaa (Peetirooliyeemii), gaazii uumamaa fi dhagaa cilee fa’a.



Fakkii 2.14 Anniisaa dhagaa cilee

Fakkii 2.15 Peetirooliyeemii

3. Anniisaan Uumamaa

Gosti anniisaa kun kanneen akka aduu, bubbee, bishaan yaa’u fi bishaan

hoo’a lafa keessaa ol bahuu fa’a of keessatti qabata.



Fakkii 2.16 Anniisaa bishaan hoo’a



Fakkii 2.17 Anniisaa bubbee

Gilgaala 2.6

A. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta’e filadhu.

1. Konkolaataa, xiyyaarrii fi dooniin anniisaa geejjibaa argachuudhaaf maalitti fayyadamu?

A. Bubbee

B. Gaazii uumamaa

lallaafoo, dhoqqee, kaartoonii fi waraqaa adda addaa fa'a irraa qopheessuun ni danda'ama.

Wantoonni akka happee, qoree, bulluqa yookiin mooqa, qaamolee moodeelota adda addaa waliin walqabsiisuuf nu gargaaranii dha.

Wixinee Moodeelaa Qopheessuu

Wixinee moodeelaa hojjechuu keessatti, dhimmoonni xiyyeeffannaan kennamuuf iiqabu kanneen armaan gadii ti. Wantoota naannoo keenyatti argaman keessaa wanta kamiif moodela qopheessuu akka barbaadne dura adda baafachuu qabna.Fakkeenyaaf :

- Moodeela Hubboo bishaanii
- Moodeela Mana jireenyaa
- Modeela Finjaalaa / Shinii/ fi
- Moodeela Jabanaa fa'a.

Qaamolee fi amaloota bu'uraa moodeelli tolfamuufii hubaachuu

Fakkeenyaaf : Moodeela hubboo tolchina yoo ta'e wanti hubachuu qabnu:

Daanaan hubboo maal akka fakkaatu

Qaamolee isaa adda baasuu; Fakkeenyaaf: afaan, morma, bal'ina fi baayi'naa gurroo huboon sun qabaachuu qabu hubachuu jechuudha.

Wixinee Midhaagina Moodeela keenyaa Qopheessuu

- Fakkii wanta moodeela tolchinuuf sana waraqaa irratti kaasuu
- Wantoota midhaagina adda addaa qaban moodeela keenyaaf qopheessuu.

Fakkeenyaaf: Moodeela Hubbootiif

Midhaagina afaan Hubboo

Midhaagina garaa Hubboo

Midhaagina gurroo Hubboo fa'a.

Gocha 2.5

Suphee, pilaastika lallaafaa, kaartoonii, dhoqqee fi waraqaa fayyadamuun moodeelota wantoota naannoo keetitti argaman tokkotokko hojjachuun barsiisaa/ttuu/ keetti agarsiisi.

Gilgaala 2.7

A. Himoota armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Bakka bu'aan wanta dhugaa lafa irraa tokko maal jedhama ?

- | | |
|-------------|------------|
| A. Suphee | C. Waraqaa |
| B. Moodeela | D. Haphee |

2. Meeshaalee armaan gadii keessaa kan suphee irraa hojjatamu kami ?

- | | |
|-----------|-----------|
| A. Kubbaa | C. Kophee |
| B. Hubboo | D. Uffata |

3. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu moodeela wantootaa hojjachuuf nu gargaara ?

- | | |
|------------|---------------|
| A. Suphee | C. Kaartoonii |
| B. Dhoqqee | D. Hunduma |

B. Himoota armaan gadii keessaa yaada sirrii ta'eef

"Dhugaaa" kan sirrii hintaaneef "Soba" jechuun deebisi.

.

1. Suphee irraa hubboo hojjachuun ni danda'ama.
2. Moodeela shinii tolchuun dura akka hubboon itti hojjatamu hubachuun barbaachisaadha.
3. Hubboon gurroo malee afaan qabaachuu hinqabu.

BOQONNAASADII

NAANNOO UMAMAA KEENYA

3.1 Ta'iiwwan Uumamaa

Gaaffiimarii :

Ta’iiwwan uumamaa naannoo keessanitti mul’atan namoota beekan gaafadhaatii daree keessatti irratti mari’adhaa.

Guyyaa guyyaan naannoo keenyatti ta’iiwwan adda addaa mul’atu. wantoonni mul’atan kanneen akka halkan, guyyaa, bona, ganna, birraa, arfaasaa, hongee, lolaa, sabbata waaqaa, dhalachuu, guddachuu, du’uu, bubbee, fi ifaa fa’a hubattanii beektuu? Wantoonni akkanaa kun **ta’iiwwan-uumamaa** jedhamu. Ta’iiwwan uumamaa marsaa marsaa fi darbee darbee uumamu. Ta’iiwwan marsaan uumaman halkan, guyyaa fiwaqtilee fa’a. Ta’iiwwan darbee darbee akka tasaa uumaman immoo lolaa, hongee, sabbata waaqaa fa’a.

Guyyaa fi Halkan

Yeroo ifaa fi yeroo dukkanaa beektuu? Yeroon ifaa maal jedhama? Yeroon dukkanaa hoo?

Biiftuun baatee hanga lixxutti (yeroo ifaa) fi biiftuun lixee hanga deebitee baatutti (yeroo dukkanaa) kan jiru walitti **guyyaa tokko** jedhama. Biiftuun baatee hanga lixxutti yeroon jiru **guyyaa** jedhama. Guyyaa keessatti ifa, hoo’a, fi sagalee waca adda addaatu jira. Yeroo biiftuun lixee hanga baatu gidduu jiru ammoo **halkan** jedhama. Halkan yeroo dukkanaa fi qorraati. Guyyaan tokko wayitii adda addaatti qoodama. Isaanis: **ganama, waaree, galgalaa fi waarii** fa’a of keessaa qaba. Haala naannoo keessaniitti kan biroo yoo beektan himaa.



Fakkii 3.1 Ganamaa



Gilgaala 3.1

Kanneen gurraacha'e keessaa isa sirrii ta'e jala sararuun deebii kenni.

1. Yeroo biiftuun baatu (**galgala/ganama**)
2. Ho'aa guddaa kan kennu (**aduu/addeessa**)
3. Yeroo halkanii ifa kan kennu (**aduu/addeessa**)
4. Sa'aatii itti laaqanni nyaatamu (**galgala/waaree**)

Waqtiilee

Ta'iiwwan uumamaa keessaa tokko waqtiilee dha. Waqtiileen bakka gurguddoo afuritti qoodamu. Isaanis: ganna, birraa, bonaa fi arfaasaa dha.

Gaaffii marii

Gaaffilee armaan gadii gareen mari'adhaa deebisaa.

- A .Yeroo bokkaan baay'ee roobu waqtii isa kami dha ?
- B. Waqtiin gannaa fi bona gidduu jiru maal jedhama?
- C .Waqtiin tokko ji'oota meeqa of keessaa qaba?
- D. Manni barumsaa waqtii kam cufamaa ?

Gabatee 3.1 Waqtiilee irra caalatti Oromiyaa keessatti mul'atan

Waqtiilee	Ji'oota	Dalagaawwan qonnaa raawwatamani
Ganna (Yeroo roobaa)	Waxabajjii Adooleessa Hagayya	Midhaan facaasuu Biqiltuu dhaabuu Aramaa aramuu
Birraa (Yeroo roobni caamu)	Fulbaana Onkololeessa Sadaasa	Aramuu Midhaan sassaabuu yookaan haamuu

Bona (Yeroo hoo'aa)	Muddee Amajjii Gurraandhala	Callaa sassaabuu yookaan midhaan dhahuu
Arfaasaa (yeroo roobni darbee darbee roobu)	Ebla Caamsaa Bitootessa	Midhaan tokko tokko facaasuu qonnaa eegaluu

Gabatee armaan olii akka fakkeenyaatti fudhachuun haala naannoo jireenya keessanitti fooyyessuun daree keessatti barsiisaa/tuu keessan waliin irratti mari'adhaa.

Sabbata Waaqaa

Waa'ee sabbata waaqaa maal dhaggeessanii beektuu? Sabbata waaqaa argitanii beektuu? Halluuwwan sabbataa waaqaa keessatti mul'atan maal fa'i?

Sabbanni Waaqaa kan uumamu wayitii ifti aduu cophaa bishaan bokkaa keessa darbudha. Baay'nni halluuwwan sabbataa waaqaa keessatti mul'atan torba. Isaanis: Haalluu diimaa, burtukaana, keelloo, magariisa, cuquliisa, (indiigo) fi hamara jedhamu.



Fakkii 3.4 Sabbata Waaqaa

Hongee / Caama/

Hongeen maalii? Naannoo keessanitti hongeen mudatee beekaa? Rakkoo maalii fidaa? Hongeen ta'ii uumamaa yeroo bokkaan dhabamuu fi caamni dheeratu kan mudatuu dha. Yammuu hanqinni bokkaa uumamu hanqinni bishaanii ni mudata. Rakkoon kun yeroo baay'ee naannoo gammojiitti cimee mul'ata.

Hongeen lubbu qabeeyyii hunda irratti miidhaa geessisa. Hongeen cirama bosonaa fi jijjiirama qilleensaatiin dhufa. Kanaafuu, rakkoolee hongeen dhufan kanneen ittisuuf bosona ciruu dhiisuu biqiloota dhaabuu fi kunuunsuun barbaachisa.

Piroojektii 3.1

Ogeessa qonnaa naannoo keessanitti argamu bira deemaatii gaaffiiwwan armaan gadii gaafachuun deebii isiniif kennan barreessuun daree keessatti hiriyoota keessaniif dubbisaa.

1. Balaan hongeen geessisu maal fa'i?
2. Hongeen akka hin uumaamne karaalee ittiin ittisuun danda'amu ibsi?
3. Ta'iiwwan uumamaa hongee wajjiin wal-qabatan maal fa'a?
4. Biqiloota dhaabuu fi kunuunsuun bu'aa maalii qabaa?

Lolaa

Naannoo keessanitti lolaan akkamitti uumamaa? Miidhaan lolaan geessisu maalfa'a? Mala ittiin balaa lolaa ittisuun danda'amu maal fa'a? Daree keessatti irrattimari'adhaa.

Lolaan ta'iiwwan uumamaa keessaa isa tokko. Lolaan yeroo baay'ee ganna yeroo roobni guddatee laggeen guutanii bishaan gar-malee yaa'uun uumama. Lolaan qabeenyaa fi lubbuu qabeeyyii adda addaa irratti miidhaa geessisa. Lolaa ittisuuf biqiloota dhaabuu fi kunuunsuu akkasumas karaa lolaan yaa'u tolchuun barbaachisaa dha.



Fakkii

3.5 Lolaa

Sadarkaa Jireenyaa lubbu qabeeyyii

Gaaffii marii

Lubbu qabeeyyiin hunduu sadarkaa jireenyaa maal fa'a keessa darbu?

Naannoo keessanitti daa'imni dhihootti dhalate/tte kan yaadattan jiraa? Namni du'e hoo jiraa/jirtii? Daree keessatti irratti mari'adha.

Sadarkaa jireenya lubbu qabeeyyiin keessa darbaan **dhalchuu, guddachuu fi du'uu** jedhamu. Bineeldoota fi biqilootni hundinuu sadarkaa jireenya adda addaa kana keessa ni darbu.

Haala kanaan sadarkaa jireenya bookee fi ataraa akka armaan gadiitti kaa'uun danda'ama.

Hanqaaquu → Jiisaa → Puuppaa Ga'essa bookee
Du'uu

Sanyii → Muta'uu → Biqiluu Daraaru Du'uu

Gilgaala 3.2

A. Gaafilee armaan gadiif deebii sirrii qabate filadhu

1. Ta'iiwwan marsaa isaanii eegachuun uumaman kamii?
A) Hongee B) Waqtilee C) Lolaa
2. Waqtii arfaasaa keessaatti kan ramadamu ji'a kami?
A) Fulbaana B) Waxabajjii C) Ebla
3. Ta'iiwwan keessaa hanqina roobaatiin kan uumamu isa kami ?
A) Lolaa B) Hongee C) Sabbata waaqaa
4. Ta'iiwwan uumamaa keessaa halluuwwan adda addaa of keessattikan qabu isa kami ?
A) Hoongee B) Sabbata Waaqaa C) Lolaa
5. Waqtilee keessaa naannoo keenyaatti yeroon roobni baay'ee roobuyeroo kami?
A) Birraa B) Arfaasaa C) Ganna D) Bona

B. Deebii gabaabaa kenni.

1. Sadarkaalee jireenyaa lubbuu qabeeyyiin keessaa darban sadii barreessi.
2. Maloota uumamuu hongee ittiin ittisuun danda'amu lama barreessi.
3. Miidhaalee lolaan geessisu keessaa lama barreessi.

Meeshaalee Safara

Naannoo keessanitti namoonni dheerina, hangaa fi yeroo maaliin safaru? Hiriyyaa kee waliin irratti mari'adhu.

Meeshaaleen safaraa bakka lamatti qoodama. Isaanis

- A. Meeshaalee Safaraa Aadawaa fi
- B. Meeshaalee Safaraa Ammayyawwaa jedhamu

• Meeshaalee Safaraa Aadawaa

Meeshaalee Safara Dheerinaa Aadawaa

Meeshaan aadawaa hawaasni naannoo keessanii dheerina ittiin safari maal fa'i? Naannoo baay'eetti meeshaaleen aadawaa dheerinni ittiin safaramu kanneen ijoon kanneen armaan gadiiti.

Isaanis:

Taakkuu, dhundhuma, faana, tarkaanfi fi wadaroo fa'a.



Fakkii 3.6 Safrtoo dheerinaa aadawaa

Gocha 3.2

Daree keessatti mee minjaala tokko fudhadhaatii barattoonni hojjaa adda addaa qaban afur dhundhuma fi taakkuun safaraatii gabatee armaan gadii keessatti galmeessaa.

Gabatee 3.3 Galmee safara gochaa

Barataa/ttuu	Lakkoofsa Safara dhundhumaa	Lakkoofsa Safara taakkuu
A		
B		
C		
D		

Gaaffii Marii Gochaa


1. Safarri keessan afranuu wal qixaa?
2. Safari keessan maaliif gara gara ta'e?
3. Hanqinni meeshaa safara aadawaa maal akka ta'e hubattanii jirtuu ?
4. Waan tokkicha irratti safarri adda addaa yoo uumame, safarri wanta tokkoo akka wal fakkaatu maal gochuu qabna?

Meeshaalee Safara Hangaa Aadawaa

Hangi wantootaa mala aadaatiin wantoota lama wal-cinaa qabuun yookaan wal- dorgomsiiisuun safaramaa tureera. Meeshaleen aadaa hangi ittiin safaramu qunnaa, okkotee, qalqalloo, kubbaayyaa, daawullaa, guboo fa'a.



Kubbaayyaa



Qalqalloo



Qunnaa

Fakkii 3.7 Meeshaalee safara hangaa aadawaa


Safara Yeroo Aadawaa

Piroojektii:3.2

Muka dheerinni isaa meetira lama ta'u mooraa mana barumsaa keessa dhaabuun dheerina gaaddidduu isaa wayitii tokkoffaa,

lammaffaa, sadaffaa fi arfaffaatti safaruun garaagarummaan dheerina gaaddidduu maal safaruuf akka gargaaru hubadhaa.

Gaaffii : Mala aadaatiin gaaddiduutti fayyadamuun yeroon maaliif safarama?



Fakkii 3.8 Gaddidduun yeroo safaruu

Safartuun aadaa bakka hundaatti wal qixa miti. Fakkeenyaaf, safarri dheerinaa dhundhumaan yoo ta'e dhundhumni nama dheeraa fi nama gabaaba wal qixaa miti. Kanaafuu safarri namni hundi itti walii galu sirna safara ammayyaa ti.

Safartoota Ammayyaa

Safartoonni ammayyaa hamma wantootaa sirrii fi haala wal fakkatuun ibsuuf gargaaru.


Meeshaalee Safara Dheerinaa Ammayyaawwaa

Yeroo huccuu hodhisiifatan ogeessi uffata hodhu maaliin dheerina keessan safaraa?

Safartoonni dheerinaa kan ammayyaa kiiloomeetira, meetira, saantimeetira, fi miiliimeetira fa'a. Sirna safaraa ammayyaatiin

yuuniitiin waaltawaa dheerinaa **Meetira** jedhama.

Gocha:3.3 Dheerina, dalgee fi hojjaa minjaalaa fi dheerina kitaabaa safaruun yuuniitii ittin ibsaman addaan baasuun daree keessatti irratti mar'adhaa.




Fakkii 3.9 Miinjaala fi kitaaba

Hariiroo yuunitoonni dheerinaa ammayyaawaan qanan:

Kiilomeetira 1 = Meetira 1000

Meetira 1 = Saantiimeetira 100

Saantiimeetira 1 = Miiliimeetira 10



Fakkii 3.10 Akaakuu meetiraa

Meeshaalee Safara Hangaa Ammayyaawaa


Namoonni suuqii naannoo keessanitti mi'oota gurguran meeshaalee maaliin madaalu? Meeshaan ittiin hangi safaramu **madaala hangaa** jedhama. Madaalli hangaa akaaku garaagaraa qaba. Yuuniitiwwan safara hangaa ammayaawoon Kiilo-giraamii, Giraamii fi Miiliigiraamii fa'a.

Hariiroo yuniitoonni safara hangaa ammayywoon qaban:

Kiilogiraamiin 1 = Giraamii 1000

Giraamiin 1 = Miiliigiraamii 1000

Yuuniitiin waaltawaan hangaa kiilogiraamii(Kg) dha.



Fakkii 3.11Madaalota (Meeshaalee safara hangaa ammayyaawoo)

Safara Yeroo Ammayyaawaa

Meeshaan ammayyaa yeroon ittiin safaramu **Sa'aatii jedhama.**

Sa'aatiin gosa adda addaa ni jiru. Isaanis: sa'aatii harkaa, sa'atii keenyanii fi sa'aatii miinjaalaa fa'a. Yuuniitiiwwann yeroo sekondii, daqiiqaa, sa'aatii, guyyaa fi torbaan fa'a.

Hariiroo Yuuniitota Yeroo:

Sekondiin 60 = Daqiiqaa 1

Daqiiqaan 60 = Sa'aatii 1

Sa'aatiin 24 = Guyyaa 1


Guyyaan 7 = Torban 1

Guyyaan 30 = Ji'a/Baatii tokko

Guyyaan 365/6 = Waggaa

tokko


Yuuniitiin waaltawaa yeroo **Sekondii** jedhama.



Sa'aatii harkaa keenyaanii



Sa'aatii minjaalaa



Sa'aatii

Fakkii 3.12 Gosoota sa'aatii

Gilgaala 3.3

Sa'aatiiwwan armaan gadii dubbisudhaan yeroo isaan agarsiisan himi.



A



B



C



D

1. "A"n sa'a meeqa agarsiisa? _____
2. "B"n sa'a meeqa agarsiisa? _____
3. "C"n sa'a meeqa agarsiisa? _____
4. "D"n sa'a meeqa agarsiisa? _____

Bakka duwwaa armaan gadii guuti

1. Daqiiqaan tokko = Sekondii _____
2. Sa'aatiin tokko = Daqiiqaa _____
3. Guyyaan tokko = Sa'aatii _____
4. Torbaan tokko = Guyyaa _____

5. Baatiin tokko = Guyyaa_____

3.2 Qabeenya Uumamaa

Gaaffii marii

Qabeenya uumamaa naannoo keessanitti argaman maal fa'a akka ta'anii fi faayidaaisaanii ogeessa qonna ganda keessanii gaafachuun dareetti irratti mari'adhaa.

Qabeenya uumamaa kan jedhaman biyyee, bishaan, biqiloota, bineeldota, albuudota, dhagaa, cilee fi peetirooliiyemii fa'a.

Qabeenya uumamaa naannoo keenyatti argaman bakka lamatti goodnee

ilaaluu ni dandeenya. Isaanis:

1. lubbu qabeeyyii fi
2. lubbu maleeyyii dha.

Gaaffiilee marii

Akaakuu qabeenya uumamaa olitti tarreefaman; lubbu qabeeyyii fi lubbu maleeyyii jalatti ramaduun garaagarummaa lubbu qabeeyyii fi lubbu maleeyyii gidduu irratti mari'adhaa.

Biyyee

Gaaffii marii

Biyyeen akkamitti uumama? Biyyeen maal irraa uumama? Akaakuun biyyee naannoo keessanitti argaman maal fa'a? Eddattoo gosoota biyyee adda addaa naannoo keessanitti argamu dareetti fiduun irratti mari'adhaa.

Biyyeen qabeenya uumamaa keessa isa tokkoo dha. Biyyeen gosa adda addatu jira. Isaanis: biyyee suphee, biyyee cirrachaa fi biyyee sondii ti.

Faayidaa Biyyee

Gaaffii marii

Biyyeen maliif fayyada?Faayidaa biyyeen biqilootaaf kennu irratti mari'adhaa

Faayidawwan biyyee:

- Biqiloonni biyyee keessaa bishaan, albuudoota adda addaa fi qilleensa ni argatu.
- Biyyeen hidda biqilootaa utubee qaba.
- Biyyeen bakka jireenya lubbu qabeeyyii xixiqqoo ti.
- Biyyeen meeshaalee mana keessatti itti fayyadamnu irraa hojjechuuf ni fayyada. Fakkeenyaaf: eelee, huubboo, xuwwee fa'a.
- Biyyeen meeshaalee ijaarsaa oomishuuf ni tajaajila.
- Biyyeen moodeelota adda addaa irraa hojjachuuf ni fayyada.



Eelee

Distii

Huubboo

Shiinii

Fakkii 3.13 Meeshaalee adda addaa biyyee irraa tolfaman

Meeshaalee naannoo keessanitti biyyee irraa tolfaman biroo tarreessaa.

Kunuunsa Biyyee

Gaaffii marii

Biyyee kunuunsuun maaliif fayyada? Biyyeen akkamitti kunuunsama?

Gareen irratti mari'adhaa.

Biyyeen faayidaa adda addaa waan qabuuf kunuunfamuu qaba.


Biyyee maloota

armaan gadiitiin kunuunsuun ni danda'ama. Isaanis

- Lafa tabbaa dalga qotuu,
- Lafa duwwaa irraati biqiloota dhaabuu,
- Karaa lolaan itti uumamutti daagaa ijaaruu,
- Lafa qonnaa irratti midhaan adda addaa dabareen jijjiiruun facaasuu fa'a.

Faayidaa Daagaa

- Dhiqama biyyee hir'isa
- Bishaan roobaa lafa keessa seenuun jiidhinni biyyee akka eeggamu godha.
- Burqaan bishaanii akka gabbatu taasisa.



Fakkii 3.14 Daagaa Ijaaruu



Fakkii 3:15

Biqiloota dhaabuu

Fakkii 3.16 Dalga qotuu

Gocha 3.4

Gareedhaan ta'uun tooftaaleen armaan olitti ibsaman akkamitti biyyee kunuunsuuf akka fayyadan irratti marii'achuun gabaasa dareef dhiyeessaa.

Bishaan

Mana jireenyaa keessan keessatti bishaan itti fayyadamtan eessaa argattu?


Maddoota Bishaanii

Bishaan burqituu, haroo, laga, biirii, ujummoo fi rooba irraa fa'a

6





6



Boolla (biirii)

Ujummoo



Rooba

Fakkii 3: 17 Maddoota bishaanii

Faayidaawwan Bishaanii

Gaaffii marii

Faayidaa bishaanii tarreesuun dareef dhiyeessuun irratti mari'adha.

Bishaan: Guddina biqilootaa, qulqqullinaaf, dhugaatiif, geejjibaaf, warshaalee keessatti nyaataa fi dhugaatii adda addaa oomishuuf, madda anniisaa fi ifaa ta'uun, bineeldota tokko tokkoof bakka jireenyaa ta'uun fi kkf fayyada.



Dhugaatiif



Qulqullinaaf



Nyaata qopheessuuf

Piroojeptii 3.3

Faayidaa bishaan biqilootaaf qabu hubachuu

Adeemsa Piroojeptii

Biqiloota lama dhaabuun tokko bishaan obaasuun kunuunsaa. Isa tokko ammo bishaan dhorkachuun yeroo gabaabaa booda garaagarummaa biqiloota lamaan gidduutti mul'atu hubadhaa.



Biqilaa bishaan argate



Biqilaa bishaan hin argannee

Fakkii 3.19 bishaan argatee fi hin argatiin

Kunuunsa Bishaanii

Naannoo keessanitti bishaan akkamitti qulqullinaan qabama? Qulqullinni bishaanii yoo eegamuu baate rakkoo maali fida? Irratti mari'adha.

Bishaan naannoo keenyatti faayidaa adda addaa oolu sababoota adda addaatiin faalamuu fi qisaasa'uu ni danda'a. Kosii, raqaa fi balfa adda addaa itti gatuun, xurii fi siicoo warshaalee fi mana fincaanii itti naquun faalama bishaaniitiif sababa ta'a.

Bishaan faalame namaa fi lubbu qabeeyyii biroo irratti miidhaa ni geessisa. Kanaafuu, bishaan kunuunsuu qulqullina isaa eeguun fi qusachuun itti fayyadamuun barbaachisaadha.



Xurii bishaanitti naquu
qarqaratti bobba'uu



Bishaan

Fakkii 3.20 Wantoota bishaan faalan

Qulqullina bishaanii eeguuf kanneen armaan gadii raawwachuun barbaachisaadha.

- Balfaa fi kosii bishaanitti itti gatuu dhiisuu,
- Xuriiwwanii fi siicoo mana jireenyaa, hoteloota, waajjroota, mana barumsaa fi warshaalee keessaa ba'an gara bishaanitti naquu dhiisuu,
- Bishaan dhugaatii kamiyyuu danfisuun fayyadamuu,

- Meeshaalee bishaan itti fayyadamnu qulqullinaan qabuu.

Bosona

Faayidaawwan Bosonaa

Faayidaa bosonaa ogeessa kunuunsa fi eegumsaa naannoo ganda keessanii gaafadhaatii gabaasa daree keessatti dhiyeessuun irratti mari'adhaa.



Fakkii 3.21 Bosona namaan misoome



Fakkii 3.22 Bosona uumamaa

Gaaffii marii:

Namni maaliif bosona mancaasa?

- Lafa qotiisaa babal'ifachuuf,
- Muka ijaarsa adda addaatiif,
- Qoraaniif,
- Babal'ina magaalaatiif
- Ijaarsa daandiiwwanii fi kkf.



Fakkii 3.23 Bosona cirame

Bosonni akkamitti kunuunfama?

Bosona ciruu dhiisuun, mukkeen dhaabuu fi bakka mukkeen irraamuraman irratti deebisanii dhaabuu fa'aan bosona kunuunsuun ni danda'ama.

Pirootektii: 3.4

Mooraa mana barumsaa keessan keessatti lafa duwwaa barbaadaatti maqaa daree keessaniitiin biqiltuuwwan dhaabuun kunuunsaa.

Faayidaa bosonaa

- Madda soorataa fi bakka jireenya bineeldootaa ta'uun,
- Madda qilleensa qulqulluu ta'uun,
- Meeshaalee manaa fi ijaarsaa irraa tolchuuf,
- Qoricha irraa oomishuuf ni fayyada.
- Bakka hawwata turistootaa ta'uun galii argamsiisuu,
- Rooba harkisuu fi kkf ni fayyada.

Qilleensa

Faayidaa qillensaa

Faayidaan qilleensaa maal akka ta'e beektuu? Kutaa tokkoffaa keessatti kan barattan yaadachuun irratti mari'adhaa.

Gocha3.5

Faayidaa qilleensaa hubachuudhaaf funyaanii fi afaan keessan yeroo xiqqoodhaaf ukkaamsaa. Maaltu akka isinitti dhagahame hiriyyaa keessanitti himaa.

Lubbu qabeeyyiin jiraachuuf qilleensa barbaadu. Qilleensi gaasii hargansuu lubbu qabeeyyiitiif fayyadu of keessaa qaba.

Qilleensi sababa adda addaatiin faalamu danda'a. Fakkeenyaaf:

- Dhukkee naannoo irraa ka'uun,
- Aara mana keessaa bahuun,
- Aara konkolaataa fi warshaa keessaa bahuun fa'aan qilleensi ni faalama.





Fakkii 3.24 Aara mana keessaa bahu
konkolaataa keessaa bahu

Fakkii 3:25 Aaara



Fakkii 3.26 Aaara warshaa keessaa bahu

Piroojektii: 3.5

Gargaarsa barsiisaa/tuu keessan wajjiin qabeenya uumamaa naannoo keessan keessatti manca'aa jiru filadhaatii daawwadhaa. Bishaanii faalame, bosona manca'e, biyyee dhiqame fa'a. Qabeenya uumamaa filatame kana daawwadhaati sababoota

maca'inaa fi tooftaa kunuunsaa irratti gabaasa dareetti dhiyeessaa.

Gilgaala 3.5

A. Qubee deebii sirrii qabatee filadhu.

1. Sabaabafaalama qilleensaa kan ta'e kami?

- A. Aara konkoolataa B. Aara warshaa
C. Aara manaa D. Hunduu deebii dha.

2. Faayidaa bosonaa kan hintaane kami?

- A. Ijaarsaa manaa B. Bakka jireenyaa bineesotaa
C. Madda qilleensa qulqulluu D. Sababa faalama qilleensaa ta'uu.

3. Malli dhiqama biyyee ittisuuf gargaaru isa kami?

- A. Biqiltuu dhaabuu B. Daagaa ijaaruu
C. Dalgaa qotuu D. Hunduudeebii dha.

4. Faayidaa bishaanii kan hin taane kami?

- A. Biyyee dhiquu B. Nyaata bilcheessuuf
C. Qulqullina eeguuf D. Dhugaatiif.

5. Madda bishaanii kan hintaane Kamii?

- A. Rooba B. Haroo C. Boolla D. Deebiin hin kennamne.

6. Faayidaa biyyee kan ta'e kamii?

- A. Bakka argama albuudotaa B. Ijaarsa mana jireenyaatiif
C. Bakka jireenya ilbiisotaa D. Hunduu deebii dha

B. Deebii sirrii ta'e kenni.

1. Maloota ittiin dhiqama biyyee ittisuun danda'amu sadii barreessi.

2. Faayidalee bosonaa keessaa sadii barreessi.

3. Meeshaalee manaa biyyee irraa tolfaman sadii barreessi.


4.Sababoota namoonni bosona mancaasaniif sadii barreessi.

3.3 Biqiloota Naannoo Keenyaa

Gocha3.6

Biqiloota naannoo keessanii funaanuun dareetti fidaa.Qaamota biqilootaa fiddannii addaan baasaatii walitti agarsiisaa.Dalagaa tokko tokkoon qaamota biqilootaa irraatti mari`adhaa.

Qaamota Biqilootaa fi Dalagaa Isaanii



Fakkii 3:27 Qaamota biqilaa

Qaamonni biqilootaa: Hidda, Jirma, Daraaraa fi Baala.

Dalagaawwan Qaamota Biqilootaa

Hidda: bishaani fi albuudota biyyee keessaa xuuxuu fi biqiloonni biyyee

keessa akka dhaabbattan cum`ee yookaan cimsee qabuudha.

Jirma: Biqiltuu utubee dhaabuuf, nyaata, bishaaniifi albuuda geejjibuuf tajaajila.

Baala: Bakka nyaanni biqiltuu itti qophaa`udha.

Dararaa: Biqiloota daraaraa qabeeyyitiif wal-hormaataaf ni fayyada.

Ilbiisota tokko tokkoof akka madda soorataattis ni fayyada. Fakkeenyaaf, Kanniisa fi Billaacha. Dararaan miidhagina naannootiifis ni fayyada.

Gocha 3.7

Daraaraa adda addaa dareetti fidaatii halluu fi caasaa isaanii ilaalaa. Biqiloonni adda addaa daraaraa halluu adda addaa qabu. Fakkeenyaaf: Diimaa, Keelloo, Adii fa`a.

Proojeektii 3.6 Biqiloonni guddachuuf maal maal akka barbaadan ogeessa qonnaa ganda keessanii gaafadhaatii dareetti gabaasuun irratti mari`adhaa.

Gilgaala 3.6

Kanneen “B”jala jiran kan “A” jala jiraniin walitti firoomsii

A

- __1. Bishaani fi albuuda xuxuuf fayyada
- __2. Wal-hormaataaf ni fayyada
- __3. Nyaata qopheessuuf ni fayyada
- __4. Biqiltuu utubee qabuuf ni fayyada

B

- a) Jirma
- b) Hidda
- c) Daraaraa
- d) Baala

3.4 Bineeldota Naannoo Keenyaa

Gaaffii marii

Bineeldota naannoo keessanitti argaman kan beektan tarreessaa.
Ogeessa qonnaa ganda keessanitti argamu gaafachuun bineeldonni haala: bakka jireenyaan, soorataan, sochiin, uwwisa qaamaan, wal-hormataan ramadaman irratti gabaasa qopheessuun dareef dhiyeessaatii irratti mari`adhaa.


Ramaddii Bineeldotaa

A. Amala madaqina isaaniitiin


Haala madaqina isaanii irrattii hunda`uun bineeldonni bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Beeyiladootaa fi Bineensota.

1. Beeyiladoota

Beeladonni bineeldota madaqfamanii namaa wajjin jiraatanidha.



Saree



Gaala



Hoolaa



Sa'aa



Farda





Harree

Fakkii 3: 28 Beeyiladoota naannoo keenyaa

2. Bineensota

Bineensonni bineeldota namatti osoo hin madaqin jiraataniidha.






Fakkii 3. 30 Bineensota naannoo keenyaa

B.Akkaataa Wal hormaataatiin

Akkaataa wal hormaataatin bineeldonni bakka lamati ramadamu.
Isaanis:


1. Bineeldota killee busuun walhoran




Luukkuu



Bofa



Qurxxummii



Naacha

Fakkii 3. 30 Bineeldota killee busuun wal horan

2. Bineeldota ilmoo dhaluun wal horan



Simbira halkanii

Nama



Hantuuta



sa'a



Saree

Fakkii 3 : 31 Bineeldota ilmoo dhaluun wal horan

C. Akkaataa sochiitiin


Akkaataa sochii isaaniitiin bineeldonni bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:

1. Bineeldota balali'an (Barrisan)



Bullallaa /gugee/Handarii

Rumicha





Daakkiyyee

Tumaadessa

Fakkii 3.32Bineeldota balali`an

2. Bineeldota lafa irra loo'an (foqoqan)




Jawwee

Bofa

Ciilalluu

Fakkii 3: 34 Bineeldota lafa irra loo`an

3. Bineeldota lukaana deeman



Guchii

Arba



Nama

Qocaa



Roobii


Fakkii 3:35 Bineeldota lukaana deeman

D.Akkaataa Soorataan

Soorata sooratan irratti hunda`uun bineeldonna bakka saditti qoodamu. Isaanis:

1. Bineeldota biqiloota

sooratan



Sattawwaa

Arba



Illeettii

Bosonuu

Hardiida

Fakkii 3.35 Bineeldota biqiloota sooratan

2. Bineeldota foon qofa sooratan



Leenca

Qeerransa



Jeedala

Waraabessa

Fakkii 3.37 Bineeldota foon qofa sooratan

3. Bineeldota biqilootaafi foon sooratan

Gaaffii: Bineeldota naannoo keessanii biqilootaa fi foon sooratan

walitti himaa.



Hantuuta



Nama

Fakkii 3.38 Bineeldota biqilootaa fi foon sooratan

E. Bakka jireenya isaaniitiin

Bakka jireenya isaaniitiin bineeldonni garee sadiitti ramadamu. Isaanis:

1. Bineeldota lafa irra jiraatan



Arba



Harree



Guchii

Fakkii 3.38 Bineeldota lafa irra jiraatan

2. Bineeldota bishaan keessa jiraatan



Qurxxumiilee



Roobii

Fakkii 3:39 Bineeldota bishaan keessa jiraatan

3. Bineeldota lafaa irraa fi bishaan keessa jiraatan



Fattee


Raachaa

Fakkii 3: 41 Bineeldota lafaa irraa fi bishaan keessa jiraata


F. Uwwisa qaama isaaniitiin

Bineeldonni uwwisa qaamatiin bakka adda addaatti qoodamu. Isaanis:


1. Bineeldota gogaa furdaa qaban




Qocaa



Jawwee



Qurxxummii



Naacha

Fakkii 3: 41 Bineeldota gogaa furdaa qaban

2. Bineeldota dabbasaa qaban



Jaldeessa



Jeedala



Hoolaa

Fakkii 3: 42 Bineeldota dabbasaa qaban

3. Bineeldota baallee (kochoo) qaban



Daakiyyee



Gugee

Fakkii 3:43 Bineeldota baallee qaban

Meeshaalee bu`aa bineeldotaa irraa hojjetaman



Borsaa




Waancaa



Qalqalloo



Kophee



Uffata halkanii



Jaakkeettii

Fakkii 3.44 Meeshaalee bu`aa bineeldotaa irraa hojjetaman

Gaaffii marii

Naannoo keessanittii wantoota bu`aa bineeldotaa irraa oomishaman barsiisaa keessanitti himaa.

Bineeldota Qotiisaa Kunuunsuu

Bineeldonna qotiisaaf faayidaa hedduu qabu.

Gaaffii: Naannoo keessanitti bineeldota qotiisaaf fayyadan barsiisaa/ttuu keessanitti himaa. Bineeldota qotiisaatiif kunuunsa taassifamu irratti daree keessattimari`adhaa.

Kunuunsa bineeldota gotiisaaf taassifamuu qabu

Bineeldonni gotiisaa:

1. Nyaata ga'aa argachuu qabu. Fakkeenyaaf marga,baala, qola, faagulloomidhaan soogidda fa'a.
2. Bakka jireenyaa, rooba, aduu, qorraa fi bineensota isaan miidhan irraa ittisu keessa jiraachuu qabu.
3. Fayyaan isaanii eegamuu qaba. Fayyaa gaarii akka qabaataniif
 - Nyaataa fi bishaan qulqulluu argachuu qabu.
 - Qulqullinni qaama isaanii eegamuu qaba.
 - Bakki jireenya isaanii yeroo yeroon qulqullaa'uu qaba
 - Talaallii argachuu qabu
 - Bineeldonni dhukubsatan yeroon yaalii argachuu qabu

Meeshaawwan bineeldota gotiisaa kunuunsuuf barbaachisan:

1. Buruushii qaama isaanii qulqullessuuf fayyadu
2. Bidiruu bishaan ittiin kennuuf fayyadu
3. Meeshaa nyaata ittiin kennuuf fayyadu

Gaaffii marii

Naannoo keessanitti meeshaawwan qulqullina qaamaa bineeldotaa eeguuf fayyadan maal fa'i? Meeshaa bishaanii fi nyaata ittiin kennuuf fayyadan maal maal akka ta'ani fi maal irraa akka hojjetaman maatii keessan gaafachuun dareef dhiyeessaa.

Gilgaala 3.7

A.Qubee deebii sirrii qabatee filachuun deebii kenni.

1. Bineeldota lafa irraa fi bishaan keessaa jiraachuu danda'an kami?
A. Qurxxummii B. Fattee C. Qocaa D.Jeedala.

2. Bineeldonni biqilootaa fi foon sooratan keessatti kan ramadaman kami?

A.Nama B.Jaldeessa C. Hantuuta D. Hunduudeebii dha.

3. Bineeldota ilmoo dhaluun wal horan keessatti kan ramadamu isaa kami?

A. Simbira halkanii B.Daakkiyyee C. Naacha. D. Jawwee

4. Bineeldota killee buusuun wal horan keessatti kan ramadamu kami?

A.Naacha B.Bofa C.Lukkuu D. Hunduu deebii dha.

5. Bineeldota Balali'an keessatti kan ramadamu kami?

A.Guchii B. Dakkiyyee C. Qocaa D. Jawwee

6. Bineeldota foon qofa sooratan

A .Leenca B. Qeerransa C.Jeedala D. Hunduu deebiidha

7.Bineeldota biqiloota qofaa sooratan

A. Bosonuu B. Sattawwaa C. Waraabessa D. A fi B

8.Faayidaa bineeldota naannoo keenyaa kan ta'e kami?

A.Madda nyaataa B. Uffata oomishuuf
C. Meeshawwan mana tolchuuf D hunduu deebiidha.

B. Gaaffiiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1.Ramaddii bineeldotaa bakka jireenyaa irratti hundaa'uun tarreessi.

2. Kanneen armaan gadiitiif fakkeenya lama lama kenni.

a. Bineeldota nama waliin jiraatan

b. Bineeldota killee buusan

c. Bineeldota biqilootaa fi foon sooratan

- d. Bineeldota ilmoo dhaluun wal horan
- e. Bineeldota balali`an.

BOQONNAA AFUR

BULCHIINSA AANAA /BULCHIINSA MAGAALAA/ KEENYAA

4.1 Argama Aanaa / Magaalaa Keenyaa


Maqaan aanaa /bulchiinsa magaalaa/ kee maal jedhama?
Aanaa /Bulchiinsi magaalaa/ kee godina kam keessatti argama?

Kallattiiwwan Angafoota Afran

Kallattiin maali ?

Bakki tokko bakkee biraa irraa garamitti akka argamu haalli ittiin
beeknu,

kallattii jedhama.



Fakkii 4.1 Kallattiiwwan Afran

Namni tokko gara biiftuun baatutti garagalee yoo dhaabbate/tte:

- Garri biiftuun itti baate kallattii Bahaa,
- Duubni isaa/ishee kallattii Dhihaa,
- Harki bitaan isaa/ishee kallattii Kaabaa,
- Harki mirgaa immoo kallattii Kibbaa agarsiisa.

Haala kanaan kallattiiwwan hangafootni afran Baha, Dhiha, Kaabaa fi Kibba jedhamu.

Kallattiiwwan olitti eeraman kana hiriyyoota keessan waliin daree keessatti dhaabbadhaatii walitti agarsiisaa.

Gilgaala 4.1

A. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Manni barnootaa kee mana kee irraa garamitti akka argamu maatii kee gaafachuun barsiisaa/tuu keetti himi.
2. Mooraa mana barnootaa kee keessatti wantoota kallaattiiwwan adda addaatti argaman adda baasii barreessuun hiriyyoota keetti himi.
3. Kaartaa godina kee irratti kallattii aanaan kee itti argamu himi.
4. Bakkeewwaan beekkamoo ollaa mana barnoota keetti argaman kallattiiwwan isaanii tarreessuun daref gabaasi.

B. Kanneen armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaanee "Soba" jechuundeebii kenni.

1. Bakki tokko bakka biraa irraa garamitti akka argamu haalli ittiin beekkamu kallattii jedhama.
2. Kallattiiwwan hangafootni argama bakkeewwanii mul'isan Kaabaa fi Kibba qofa.


C. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Biiftuun kan baatuu kallattii kamiin ?
A. Kaabaan B. Bahaan C. Dhihaan D. Kibban
2. Ganama dhaabbannee biiftuu yoo ilaallu, duubni keenya kallattii kam agarsiisa?
A. Kaaba B. Baha C. Dhiha D. Kibba

Argama Birqabaa aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa

Kallattii afraniin aanolee aanaa keessan daangessan walitti himaa. Malli argama iddoo tokkoo iddoowwaan biroo dhiheeneyatti argamaniin walbira qabuudhaan kallattii fi argama iddoo tokko ittiin ibsan, **argama birqabaa** jedhama. Argama birqaba aanaa keessanii yammuu ibsitan aanolee biroo kallattiiwwan arfaniin aanaa keessan daangessan adda baafattu.

Argama birqabaa bulchiinsa magaalaa keessan yammuu ibsitan, gandoota kallattii arfaniin bulchiinsa magaalaa keessanii daangessan adda baafattu. Argama mana barnoota keessan ibsuuf gandoota yookiin bakkeewwan beekkamoo kallattii afraniin mana barnootaa keessan daangessan addaa baafattu.



Fakkii 4.2 Moodeela Kaartaa Aanaalee shanii

Gocha 4.1

Fakkii 4.2 Irratti hundaa’uudhaan gaaffilee armaan gadiitiif deebii kenni.

1. Aanaan “A” kaabaan,aanaa _____ daangeffama.
2. Aanaan “A” kibbaan, aanaa _____ daangeffama.
3. Aanaan “A” bahaan,aanaa _____ daangeffama.
4. Aanaan “A” dhihaan, aanaa _____ daangeffama.

Gilgaala 4.2

A. Himoota armaan gadii yoo sirrii ta’an “Dhugaa” yoo sirrii hintaanee “Soba” jechuun deebisi.

1. Argama bir-qabaa himuuf bakkeewwan ollaatti fayyadamna.
2. Manni barnoota keenyaa argama birqabaatiin ibsamuu ni danda’a.
3. Aanaan keenya argama birqabaatiin ibsamuu hin danda’u.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Argamni birqabaa maali?

- A. Haala teessuma lafaa ti.
 - B. Argama iddoo tokkoo iddoo biroottiin walbira qabanii ibsuu ti.
 - C. Fageenya iddoo tokkoo ti.
 - D. Bal'ina iddoo tokkoo ti.
2. Argama birqaba aanaa maaliin ibsina?
- A. Aanolee ollaatti argamaniin
 - B. Gandoota ollaatti argamaniin
 - C. Magaalota ollaatti argamaniin
 - D. Laggeen naannotti argamaniin
- C. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.**
- 1. Gandoota mana barnootaa kee daangessan barreessi.
 - 2. Aanaalee ollaa kanneen aanaa kee daangessan barreessi.
 - 3. Gandoota bulchiinsa magaalaa kee daangessan barreessi.

Bakkeewwan Beekamoo Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa

Piroojeektii 4.1

- 1. Bakkeewwan beekkamoo aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessanitti argaman manguddootaa fi maatii keessan gaafachuun maqaa isaanii tarreessaa.
- 2. Daawwannaa dirree taasisuun bakkeewwan beekkamoo aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessanii ilaaluun bu'aa daawwannaa keessanii daree keessatti hiriyyoota keessan waliin irratti mari'adhaa.
- 3. Odeeffannoo waa'ee bakkeewwan beekkammoo sassaabuun barbaachisummaa isaanii barreessuun dareef ibsaa.

4. Waa'ee aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessan kan durii manguddoota gaafachuun odeeffannoo argattan dabareen dareef gabaasaa.

Seenaa bakkeewwan beekkamoo baruuf madda odeeffannoo ta'uu kanneen danda'an manguddootaa fi barreeffamoota adda addaati. Odeeffannoon waa'ee bakkeewwan beekkamoo kanneen armaan gadii hammachuu qaba.

- Bakka argama isanii
- Ta'iiwwan bakkichatti raawwataman; fakkeenyaaf, bakkeewwan waraanni itti gaggeeffame yookiin bakka injifannoo waraanaa.
- Bara ta'iiwwan kunniin itti raawwataman
- Bulchiinsa bara ta'iiwwan kunniin itti raawwataman bakka sana turee fi kkf.

Gilgaala 4.3

Gaafilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Bakkeewwan beekkamoo seena qabeessa ta'an kan aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessanitti argaman maal fa'a?
2. Faayidaan bakkeewwan beekkamoo fi seena qabeeyyii aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessanii maal akka ta'e ibsi.
3. Bakkeewwan beekkamoo fi seena qabeeyyii ta'an mana barnootaa kee irraa kallattii kamitti akka argaman dareetti himi.
4. Seenaa bakka tokkoo yammuu barreessinu odeeffannoo maal maal of keessaa qabaachuu qaba?

4.2 Haala Teessuma Lafa Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/ Keenyaa Teessuma Lafaa

Gareedhaan ta'uun haala teessuma lafa nannoo jireenya keessanii daawwachuun waan hubattan dareef gabaasuun irratti mari'adhaa. Garaagarummaa olka'iinsa lafaatiin kan ka'e, haalli fuula lafaa adda addaa mul'atu **teessuma lafaa** jedhama. Teessumni lafa naannoo tokkoo: lafa olka'oo, lafa dakee fi sulula fa'a of keessaa qaba.

Akaakuwwan Teessuma Lafaa

Teessumni lafaa iddoo gurguddoo saditti qoodama. Isaanis:

- Lafa ol ka'oo
- Lafa dakee fi
- Sulula.

Lafa ol Ka'oo




Fakkii 4.3 Lafa ol ka'oo.

Naannoo lafa ol ka'oo kan jedhaman, **gaarreen**, **tulluuwwanii** fi **pilaatoo** fa'a.

Gaara

Gaarri akaakuu teessuma lafa ol dheerina guddaa qabuu dha.



Fakkii 4.4 Gaara

Pilaatoo

Pilaatoon lafa ol dheerinna guddaa qabuu fi gubbaan isaa diriiraa ta'e dha.



Fakkii 4.5 Pilaatoo

Tulluu

Tulluun akaakuu teessuma lafa naannoo tokkoo irraa ol ka'ee mudhatuu dha.



Fakkii 4.6 Tulluu

Lafa Dakee

Lafa dakee jechuun lafa diriiraa olka'iinsa isa xiqqaa ta'e qabuu dha.



Fakkii 4.7 Lafa Dakee

Sulula

Sululli haala teessuma lafa naannoo sirrii irraa baay'ee gadi bu'ee argamu.

Sululli iddoo lamatti qoodama.Isaanis:

- Sulula Laggeenii fi
- Sulula Guddaa Qiinxamaa jedhamu



Gilgaala 4.4

A.Himoota armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa"yoo sirrii hin taanee

"Soba"jechuun deebisi.

1. Haala teessuma lafaa gidduu garaagarummaan olka'iinsa lafaa ni jira.
2. Pilatoon garee lafa ol ka'oo keessatti argama.
3. Lafti ol ka'oon gaarren qofa qaba.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta’e filadhu.

1. Lafti ol ka’iinsa guddaa qabu kan armaan gadii keessa kami?
A. Sulula B. Gaara C. Lafa Dakee
2. Lafti ol ka’iinsa xiqqaa qabu kami ?
A. Gaara B. Pilatoo C. Lafa Dakee
3. Lafti olka’oon gubbaan isaa diriiraa bal’aa ta’e kami?
A. Pilaatoo B. Gaara C.Tulluu.

C. Bakka Duwwaa Guuti.

1. Lafti lafa naannoo tokkoo irra ol ka’ee mul’atu_____jedhama.
2. Naannoo tokko keessatti lafti baay’ee gadi bu’aa ta’e _____jedhama.

Dhiibbaa Haalli Teessuma Lafaa Hawaasa Naannoo Irratti Dhaqabsiisu

Gaaffii Marii

Dhiibbaa haalli teessuma lafaa naannoo keessanii jireenya hawaasaa fi hojii qonnaa irratti qabu ogeessa misooma qonnaa ganda keessanii gaafachuun daree keessatti irratti mari’adhaa.

Dhiibbaa lafti ol ka’oon hawaasa naannoo irratti qabu

Gabatee 4.1 faayidaalee fi miidhaa lafa ol ka’oo.

Faayidaalee lafti olka’oon qabu.	Miidhaa /hanqinna/ lafti olka’oon qabu.
• Roobaa fi hoo’a gahaa qabu.Kanaaf qonnaaf mijaa’aa dha.	• Gaarreen olka’iinsa baay’ee dheerinna qaban qabu. Kanaaf qonnaaf mijaa’aa miti.

• Madda bishaan laggeenii ti.	
• Biqilootaa waan qabaniif bareedina daawwannaa hawwisiisu qabu.	• Lafti olka'oon baddaa, qorraa fi diilallaa waan ta'eef biqiloota gurguddoo hin qaban
• Biyyee gabbataa qonnaaf ta'u qabu.	• Lafti olka'oon harama biyyeetiif saaxilamaa dha.
• Naannolee /biyyoota/ jiddutti akka daangaatti fayyaduu	• Bu'aa ba'iin waan itti baay'atuuf geejjibaa fi wal-qunnamtiif rakkisaa dha.

Walumaa-galatti, haalli teessuma lafa ol ka'oo, haala roobaa fi hoo'aa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Haalli qilleensaa baramaa isaa immoo,

- Akaakuu midhaan oomishamuu
- Haala uffannaa fi
- Akaakuu mana jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa qaba.

Dhiibbaa Lafti Dakeen Hawaasa Naannoo Irratti Qabu

FF	Faayidaa Lafa Dakee	Miidhaa Lafa Dakee
	Horsiisa beeyiladaatiif mijaa'aadha.	Rooba xiqqaa fi hoo'a guddaa qaba. Kanaafuu, qonna midhaani bal'inn-aan oomishuuf mijaa'aa miti.
	Qonna jalliisii bishaniitiif mijaa'aa dha. Qubsuma ummataatiif mijaa'aa dha	Lolaa bishaan roobaatiif ni saaxilamu.
	Ijaarsa daandii konkolaataatiif mijaa'aadha.	Dhukkubni beeladootaa fi namaa baay'inaan jiraachuu.

Gabatee 4.2 Faayidaalee fi miidhaa lafa dakee

Gilgaala 4.5

A. Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hin taanee "Soba" jechuun deebisi.

1. Gaarreen lafa dakee hin qaban.
2. Haalli teessuma lafaa jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa hin qabu.
3. Teessumni lafaa haala roobaa fi ho'inaa irratti dhiibbaa dhaqabsiisa.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Miidhaa lafa ol ka'oo keessaa lama barreessi.
2. Miidhaa lafa dakee keessaa lama barreessi.

4.3 Dhaabbilee Aanaa / Magaalaa/ Keenya

Keessatti Argaman

Piroojektii 4.2

1. Dhaabbilee hawaasa naannootiif tajaajila adda addaa kennan kanneen aanaa /magaalaa/ keessaniitti argaman namoota beekan gaafachuun maqaa isaaniii tarreessaa.
2. Tajaajila dhaabbilee tarreessitanii kana tokko tokkon irratti mari'adhaa.
3. Dhaabbile olitti maqaa isaanii tarreessitan kana kan mootummaa yookiin kan dhuunfaa /mit mootummaa/

jechuun erga adda baastanii booda irratti mari'adhaa.

Dhaabbileen hawaasaaf tajaajila adda addaa kennan iddoo **saditti** qoodamu.

Isaais:

- dhaabbilee mootummaa
- dhaabbilee mit-mootummaa fi
- dhaabbilee dhuunfaa jedhamu

Dhaabbilee Mootummaa Aanaa /Magaalaa/ Keenyaa

Hojiwwaan bulchiinsa aanaa yookiin bulchiinsa magaalaatiin geggeeffaman kanneen armaan gaditti. Isaaniis:-

- Waajjirootaa fi dhaabbilee adda addaa hawaasa tajaajilan hogganuu;
- Hawaasni tajaajiloota hawaasummaa kan akka barnootaa,fayyaa, geejjibaa, faayinaansii fa'a argachuu isaa hordofuu;
- Hawaasa gurmeessuun hojiin misoomaa ciminaan akka geggeeffamu gargaarsa barbaachisaa ta'e kennuu fi
- Nageenya hawaasichaa eegsisuu fa'a.

Mana Murtii Aanaa / Magaalaa/



Fakkii 4.9 Abbootiin murtii yeroo murtii kennan

Manni murtii aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa nama yakka raawwate yookiin seera cabsee himatame, dhimma isaa qoratee murtii seeraa kennuu dha.

Waajjira Poolisii Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/

Gahee hojii waajjira poolisii aanaa yookiin bulchiinsa magaalaa keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

- Yakka ittiisuu fi seera kabajchiisuu
- Nama yakka hojjateera jedhamee shakkame yookiin himatame seeraan to'aanaa jala oolchuu fi qorannoo erga taasiseen booda, mana murtiitti dhiyeessuu;
- Nageenyaa fi tasgabbii hawaasaa eeguu;
- Seera tiraafikii hawaasa barsiisuu fi akka hawaasni seericha kabaju taasisuu fa'a.

Waajjira Barnoota Aanaa /Bulchiinsa Magaalaa/

Waajjirri barnoota aanaa yookaan bulchiinsa magaalaa hojiiwwan armaan gadii raawwata.

Isaanis:

- Ijaarsaa fi babal'ina manneen barnootaa hordofuu fi raawwachiisuu
- Ramaddii fi jijjiirraa barsiisootaa geggeessuu
- Manneen barnootaatiif kitaabbilee raabsuu
- Adeemsa baruu-barsiisuu hordofuu fi too'achuu fa'a.

Dhaabbileen Mootummaa kan biroo aanaa yookiin bulchiinsa magaala keessatti argaman ni jiru. Isaanis:

- Waajjira Eeggumsa Fayyaa
- Waajjira Maallaqaa fi Misooma Diinagdee
- Waajjira Misooma Qonnaa
- Waajjira Tajaajila Bishaan Dhugaatii
- Waajjira Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa (IMX)
- Waajjira Aadaa fi Turizimii fa'a.

Dhaabbilee Mit-Mootummaa Aanaa /Bulchiinsa Magaala/ Keenyaa

Dhaabbileen mit-mootummaa hawaasaaf gargaarsa gama barnootaatiin, eegumsa fayyaatiin, tajaajila bishaan qulqulluun, dhimma koorniyaa fi hojiilee biroo irratti bobba'uun kan socho'anii dha.

Dhaabbileen mit-mootummaa keessaa UNICEF, Fannoo Dimaa fi Baatii Diimaa akka fakkeenyaatti fudhachuu ni dandeenya.



*Fakkii
4.10*

Dhaabbilee Dhuunfaa

Dhaabbileen dhuunfaa dhaabbilee fedhii fi baasii namoota dhuunfaatiin dhaabbatanii oomisha meeshaalee yookiin kenniinsa tajaajila hawaasummaa irratti kanneen hirmaatanii dha. Fakkeenyaaf:

- Manneen barnoota Hojii Hooteelaa
- Waldaalee geejjibaa
- Suuqii adda addaa
- Warshaalee adda addaa
- Waldaalee hojii ijaarsaa
- Kilinikaa fi mana qorichaa

Gilgaala 4.6

A. Himoota armaan gadii yoo sirrii ta'an

“Dhugaa”kanneen sirrii hintaane “Soba” jechuun deebisi.

1. Dhaabbileen hundinuu hawaasa ni tajaajilu.
2. Manni murtii fi waajjirri poolisii walitti dhufeenya hojii ni qabu.

B. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa dhaabni mit-mootummaa ta'e kami?
 - A. Waajjira Barnoota Aanaa
 - B. Dhaaba Fannoo Diimtuu
 - C. Waajjira Poolisii
2. Nama yakkaan shakkame seeraaf kan dhiyeessu kami?

A. Mana Adabaa
Poolisii

B. Abbaa himate

C.Waajjira

C. Gaafilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Dhaabilee dhuunfaa keessaa sadi barreessi.
2. Dhaabbilee mootummaa keessaa afur barreessi.
3. Dhaabbilee mit-mootummaa keessaa lama barreessi.

4.4 Sochiilee Dinagdee Aanaa /Magaalaa/ Keenyaa

Sochilee Diinagdee

Wantoota jireenyaaf barbaachisan kan akka uffannaa, nyaataa, mana jireenyaa fi kkf argachuuf hojiileen hojjetaman **sochilee-diinagdee** jedhamu.

Gocha 4.2

Sochiilee dinagdee aanaa /bulchiinsa magaalaa/ keessan keessaatti geggeeffaman tarreessuun irratti mara'dhaa.

Qonna

Qonni maali ?



Fakkii 4.11 Midhaan oomishuu fi beeyiladdoota horsiisuu

Sochii dinagdee keessaa midhaan oomishuu fi beeyiladdootaa horsiisuun hojii qonnaa jedhama.

Qonni maloota lamaan geggeeffama. Isaanis: Qonna mala aadaa fi qonna mala ammayyaa ti.



Fakkii 4.12 Qonna Mala Aadaa



Tiraakteeraan qotuu



Kombaayineerii haamu

Faayidaalee Qonnaa

- Qonni madda wantoota nyaataa ti.
- Qonni madda mi'oota dheedhii Industirii ti. Fakkeenyaaf, shonkoorri, jirbiin, baalli shaayii, mi'oota dheedhii warshaati.
- Qonni madda sharafa alaa ta'uun galii biyyaa guddisa. Fakkeenyaaf, galiin sharafa Itiyoophiyaa bunaa fi gogaa fa'a irraa argamu guddaadha.

Daldala

Daldalli maali ?

Daldaalli sochiilee dinagdee keessaa kan bittaa fi gurgurtaan mi'ootaa keessatti geggeeffamudha.



Faayidaa Daldalaa

Hawaasni kamiyyuu waan hunda ofii isaatiin oomishee fedhii ofii guuttachuu hin danda'u. Kanaafuu, daldaalli,

- Mi'oota naannoo tokkotti hin oomishamne naannoo biroo irraa bittaa fi gurgurtaan argamsiisa
- Walitti dhufeenya naannoleetiif carraa bana
- Wal-jijjiirraa yaadaa fi aadaatiif carraa uuma
- Miseensota hawaasaatiif carraa hojii uuma
- Guddina magaalaatiif gahee qabaachuu fa'a.

Geejiba

Geejibni Maali ?

Mala adda addaatiin namootaa fi meeshaalee iddoo tokko irraa gara iddoo biraatti sochoosuun **geejjiba** jedhama. Geejjibni mala lamaan geggeeffama.

Isaanis,

1. Geejjiba mala aadawaa fi
2. Geejjiba mala ammayyaawaa ti.

Geejiba mala aadawaa

Geejjibni mala aadaa beeyiladoota akka harree, farda, gaangee fi gaalaa fa'iin mi'ootaa fi namootaa iddoo tokkoo gara iddoo



biraatti ittiin geessanidha.

Fakki 4.15 Geejjiba mala aadawaa

Geejiba mala amayyaawaa

Konkolaataan, Baaburaan, Doonii fi Xiyyaaraan mi'ootaa fi namoota iddoo tokkoo gara bakka biraatti geessuun mala geejiba ammayyaawaadha.



Xiyyaaraa



Baaburaa



Konkolaataa



Doonii

Fakkii 4.16 Geejjiba mala ammayyaawaa

Faayidaalee Geejibaa

- Mi'oota bakka tokkoo bakka birootti geessisuuf fayyada
- Namootaa fi hawaasaa naannoo adda addaa jiran wal qunnamsiisa
- Miseensota hawaasaatiif carraa hojii uumuu fi kan kana fakkaatan.

Industirii

Industiriin maali?



Induustiriin shochiilee dinagdee keessaa tokko ta'ee adeemsa meeshaalee dheedhii warshaa keessa galchuun bu'aa itti dabaluudhaan gara mi'a bu'a qabeessa ta'e tokkotti jijjiiruudha. Fakkeenyaaf,

- Shonkoora  Warshaa Shukkaaraa Shukkaaraa.
- Jirbii  Warshaa Huccuu  Huccuu

Faayidaalee Industirii

- Mi'oota fi meeshaalee adda addaa hawaasaaf ni oomisha. Fakkeenyaaf, Saamunaa, shukkaara, kibriiti, uffata, kophee,
- Mi'oota dheedhii qonnaatti fayyadamuun, oomisha qonnaa ni dabala,
- Meeshaalee hojii kan akka haamtuu, mismaara, simiintoo, maashinii hojii adda addaaf oolu ni oomisha,
- Miseensota hawaasaatiif carraa hojii uumuu fi kkf.

Hojiiwwan Ogummaa Harkaa (Industirii Godoo)

Hojiiwwan Ogummaa harkaa naannoo keessanitti dalagaman maal fa'a?

Namoota dandeettii fi ogummaa adda addaa qabaniin meeshaalee gara garaa qopheessuun hojii ogummaa harkaa jedhama.



Gabatee 4.3 Hojiilee ogummaa harkaatii fi mi'oota oomishaman

Akaakuu ogummaa	Mi'a dheedhii	Mi'oota oomishaman
Hojii suphee	Suphee	Hubboo, finjaala, xuwwee, jabanaa, eelee fa'a
Gogaa duuguu	Gogaa beeyilada.	Itillee, teepha, qabattoo, qalqalloo, koora, Siree, teepha fa'a.
Woyaa dhayuu	Jirbii	Huccuu adda addaa
Hodhaa	Migira(Wii xaa)	Masoobii, irboo, gundoo qunnaa, gingilchaa
Hojii mukaa	Muka	Siree, ulee, balbala manaa, teessoo, minjaala fa'a
Hojii sibiila	Sibiila	Albee, qottoo fi maarashaa, qonyee

Faayidaalee hojiiwwan ogummaa harkaa

- Meeshaalee jireenya hawaasaatiif barbaachisan oomishuu
- Meeshaalee gatii salphaan dhiyeessuu
- Mi'oota dheedhii naannotti argamanatti fayyadamuun oomisha kennuu
- Dagaagina industirii ammayyaatiif bu'uura ta'uu fa'a.

Gilgaala 4.7

A .Himoota armaan gadii sirrii yoo ta'an "Dhugaa" yoo hintaane "Soba" jechuun deebisi.

1. Hawaasni kamiyyuu sochii dinagdee ni qaba.

2. Qonni fi industiriin walitti dhufeenya hin qaban.
3. Harree fi gaangeen tajaajila geejjibaatiif ni oolu.
4. Irra caalaan ummata naannoo baadiyyaa keessaa qotee bulaadha.

A. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa qonnaa kan ta'e isa kami?
A. madda nyaataatiif B. madda galiitiif C. hundumaaf
2. Iddoon bittaa fi gurgurtaan mi'oota itti gaggeeffamu maal jedhama ?
A. Waajjira B. Gabaa C. Buufata fayyaa
3. Mi'a dheedhii kan ta'e kami ?
A. Jirbii B. Shukkaara C. Kibriita.
4. Faayidaa geejjibaa kan ta'e isa kami ?
A. Hawaasaa fi hawaasa wal qunnamsiisa.
B. Mi'oota iddoo tokko irraa gara lafa fageenya qabuutti geessa.
C. Hundinuu deebii dha.
5. Sochiin dinagdee kan uffata oomishu isa kam?
A. Industirii B. Qonna C. Daldala

C. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii kenni.

1. Faayidaalee daldalaa keessaa sadii barreessi.
2. Faayidaalee ogummaa harkaa keessaa sadii barreessi.
3. Hojiin maatii keetii akaakuu sochii diinagdee kam keessatti akka ramadamu ibsi.

Meeshaalee Bu'aa Teeknoolojii fi Faayidaa Isaanii

Meeshaalee bu'aa teeknoolojii naannoo keessanitti argaman tarreessuun gareen irratti mari'adhaatii faayidaa isaaniitiin ramadaa.

Raadiyoo

Raadiyoon odeeffannoo biyya keessaa fi biyya alaa tamsaasuunhawaasaaf tajaajila kenna.



Fakkii 4.19 Raadiyoo

Televizyini

Garaagarummaan Televizyini fi Raadiyoo gidduu jiru maali ?

Televizyiniin odeeffannoo sagalee fi fakkiin tamsaasuun hawaasaaf ofeeffannoo kenna.a.



Eelee Elektiriikii fi Istoovii



Eelee elektiriikii



Istoovii

Fakkii 4.21 Eelee elektiriikii fi istoovii

Eeleen elektirikii biddeena fi daabboo tolchuuf kan fayyadu yoo ta'u istooviin ammo ittoo ittiin qopheessuuf, shayii fi bishaan danfisuu fi kkf nu fayyada.

Jenereetara

Jenereeteriin meeshaa anniisaa boba'aatiin socho'uun elektiriikii maddisiisuu dha.



Riifreejireetara

Riifreejireetarri maali ?





Fakki 4.23 Riifreejireetara

Riifreejireetarri meeshaa qorrasiiftuu dha. Riifreejireetara keessatti wantoonni akka foonii, aannanii, kuduraalee fi fuduraalee yeeroo dheeraaf otoo hin shamin yookiin hin alaayiin turu.

Kaawuyyaa Elektiriikii

Kaawuyyaan Elektiriikii meeshaa uffata miiccamee goggoge ittiin diriirsuu (sirreessuuf) fayyaduu dha.



Fakkii 4.24 U uffata miiccame diriirsanni bareechuu

Bilbila

Bilbilli meeshaa akkamii ti ?



Fakkii 4.25 Bilbila Manaa harkaa



Fakkii 4.26 Mobaayila /bilbila

Bilbilli meeshaa qunnamtii ti. Akaakuuwwan bilbilaa lama. Isaanis Bilbila dhaabbataa / mana jireenyaa/ /waajjiraa fi bilbila mobaayila /harkaa/ jedhamu.

Gaaffii marii

Mobaayiliin faayidaa akkamii akka qabu irratti mari'adhaa.

Gilgaala 4.8

A. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa adda kan ta'e kami?
A. Istoovii B. Raadiyoo C. Televizyinii
2. Meeshaan wantoonni osoo foolii hinbaasin yeeroo dheeraaf akka turan taasisu kam ?
A. Jenereetara B. Riiffreejireetara C. Kaawuyyaa Elektiriikii
3. Meeshaan humna ibsaa maddisiisuuf nu gargaaru kami?
A. Mobaayilii B. Raadiyoo C. Jenereetara

Misooma Aanaa /Magaalaa/ Keenyaatiif Hojiin Barbaachisaa Ta'uu Isaa

Gaaffii marii

- *Hojiin maaliif barbaachisa ?*
- *Namootni hojii adda addaa irratti bobba'uun isaanii faayidaa maalii qaba?*

Fakkeenyaaf: Poolisiin, ogeeyyiin fayyaa, fi barsiisaa fii kkf.

- *Tokkoo tokkoon keessan hojii akkamii irratti bobba'uu akka barbaaddan barreessaatii hojichi maatii fi hawaasa naannoo keessaniitiif hangam barbaachisaa akka ta'e irratti mari'adhaa.*

Hojiin bu'uura jireenyaa ti. Namootni hojii adda addaa irratti bobba'anii yoo hojjatan wantoota bu'uura jireenyaa kan akka nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa argatan. Ilmi namaa beeyiladoota biroo irraa wantoota adda isa taasisan keessa tokko hojii hojjachuun jiraachuu isaa ti.



Fakkii 4.26 Namoota hojii adda addaa irratti hirmaatan

Namni kamiyyuu wantoota jireenya isaatiif barbaachisaa ta'an ofii isaatii qofa oomishee guuttachuu hindanda'u. Kanaafuu, namootni adda addaa hojii gara garaa irratti bobba'uun gahee isaanii bahachuun barbaachisaadha. Misooma aanaa yookaan bulchiinsa magaalaa keenyaatiif namni kamiyyuu ogummaa fi dandeettii qabaniin hojii adda addaa irratti bobba'uun baay'ee barbaachisaa dha.

Hawaasa naannoo keenyaatiif hojiin akaakuu kamiyyuu bu'aa qabeessa wal-qixa ta'e qaba.

Fakkeenyaaf, qotee bulaan qotu malee midhaan nyaataa hin argamu, ogeeyyiin fayyaa tajaajila fayyaa kennan malee dhukkubsataan yaala hin argatu, Barsiisaan barsiisu malee beekkumsi hin argamu, Poolisiin hojii eeggumsa nageenyaa irratti bobba'u maleenageenyi naannoo hin eeggamu. Kaanaafuu, hojiin kamiyyuu bifa waldeeggareen hawaasa keenyyaaf barbaachisaa waan ta'eef kabajamuu qaba.

Gilgaala 4.9

A. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Misoomni hawaasa tokkoo kan guddatu maaliin ?
 - A. Hojiidhaan
 - B. Bashannana baay'isuun
 - C. Qabeenya qisaasessuun
2. Ilmaan namaa bineeldota irraa kan adda taasisu maali ?
 - A. Baay'inna isaa
 - B. Hojii adda addaa irratti bobba'ee oomishuu isaa
 - C. Waliin jiraachuu isaa.
3. Hojiin misooma hawaasa keenyaatiif barbaachisu kam ?
 - A. Daldaala
 - B. Qonna

C. Hundinuu deebiidha.

Hiika Jechootaa

Argama: Iddoo bakki tokko lafa irra jiru yookaan bakka wanti tokko itti

argamu.

Anniisaa: Dandeettii waa hojjachuu (tolchuu) ti.

Aanaa: Kutaa bulchiinsa biyyaa kan gandoota baay'ina qaban hammatee dha.

Dhiibbaa: Haala adeemsa taatee tokkoo too'achuu.

Ga'eessa: Nama qaamaa fi sammun guutummaan guddate yookiin

jabaate.

Garee Umrii: Garee namoota umrii wal-fakkaataa yookiin walitti

dhiyaatukeessatti argamu.

Karoora: Tooftaa waan tokko raawwachuuf qophaaye yookiin sirna

gochaakaayyoon itti galma gayu.

Misooma : Fooyya'insa, yookiin jijjiirama guddina sadarkaa

Sarbama Mirgaa: Gocha nama irratti miidhaa qaamaa,sammuu

geessisu.

Piroofaayilii: Ragaa waliigalaa waan tokkoo kan agarsiisu.

Qonna Aadaa: Meeshaalee hojii fi tooftaa qonnaa mala aadaatiin

geggeeffamu.

Quunnaa : Safara hangaa kan aadaa ti.

Ta'iiwwan uumamaa: Uumamaan wantoota naannoo jireenya ilmaan

namatti mul'atan.

Teeknoolojii: Beekkumsa,dandeettii,muuxannoo,ogummaa fi meeshaa

waan tokko raawwachuuf fayyadu.

Warshaa Godoo: Hojii ogummaa harkaa kan naannoo mana jireenyaa

giddugaleeffatee geggeeffamu.